# QAACCESSA ERGAA WEEDDUU DURBAA SIRNA FUUDHAA FI HEERUMAA GODINA SHAWAA DHIHAA AANAA EJEREE

**TASFAAYEE DHIINSAATTIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOKLOORIITIIF DHIYAATE**

YUUNIVARSIITII FINFINNEEKOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIIMUUMMEE AFAANOROMOO, OGBARRUUFIFOOKLOORII OROMOO

**AMAJJII, 2022**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA ERGAA WEEDDUU DURBAA SIRNA FUUDHAA FI HEERUMAA GODINA SHAWAA DHIHAA AANAA EJEREE

TASFAAYEE DHIINSAATTIN

GORSAAN: TAADDASAA JAALATAA (PhD)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOKLOORIITIIF DHIYAATE**

YUUNIVARSIITII FINFINNEEKOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIIMUUMMEE AFAANOROMOO, OGBARRUUFIFOOKLOORII OROMOO

**AMAJJII, 2022**

**FINFINNEE**

***AXEREERAA***

*Qorannoon kun qaaccessa weedduu durbaa Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree irratti xiyyeeffatee kan hojjetamedha. Kaayyoon guddaan qorannichaa ergaa weedduu durbaa Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree qaaccessuudha. Ka'umsi qorannichaa xiyyeeffannoon gama afoola hawaasa Oromoo keessaa ergaa weedduu durbaa irratti qorannoon taasifame laafaa ta'uufi weedduun durbaa kun xiyyeeffannoo kan hin arganne ta'uu dha. Qorannoon kun qorannoo akkamtaa yoo ta'u, qorannoo kana gaggeessuuf weedduu durbaa hawaasa Oromoo xiinxaluun immoo xiyyeeffanoo qorannoo kanaati. Akeeka kana galmaan ga'uuf mala iddatteessuu kaayyeeffataatti dhimma bahameera. Ragaaleen qorannoo kanaaf itti fayyadame madda ragaa tokkoffaa yoo ta'u: isaanis, namoota dhimmaa weedduu durbaa kana irratti hubannoo qaban irraa odeeffannoo af-gaaffii, mariigareefi dawwannaan sassaabameera. Odeeffannoon kallattii garagaraatiin walitti qabamee mala ibsaatti gargaaramuun qaacceeffameera. Kunis mala akkamtaa fayyadamuudhaani. Adeemsi iddattoon qorannichaa ittiin filatame mala iddatteesuu miti- carraa ta'ee kaayyeeffatadhaan adeemsifame. Dabalatanis weedduun durbaa kan jedhamuuf adeemsa mataasaa akka qabuufi wanti raawwatamu jiraachuu akka qabu kan ibsudha. Dhumarratti firiiwwan qorannoo kanneen bu'uura godhachuudhaan dhimmi weedduu durbaa kun falaasama saba Oromoo waan ta'eef ,qophii kitaabilee barnootaa keessa galee osoo ittiin baratamee ittis barsiifame yaadi furmaataa osoo itti kenname gaariidha. Qaamni dhimmi ilaalatu, qorattoonni, waajjirri Aadaafi Turiizimii Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree, hayyoonni afaanifi Waajjirri Barnootaa qorannoo kana bu'uura godhatee dhimma kana irratti daraan xiyyeeffatee osoo hojjeteen yaada dabalataa kennamedha.Jechoota ijoo:weedduu, durbaasirnafuudhaafheerumaa,afoolaaddooyyeek.k.f.*

**GALATA**

Duraan dursee bu'aa bahii hedduu keessatti fayyaafi nagaa naaf kennee, sadarkaa kana akkan gahu kan nagargaare, waaqayyoon guddaan galateeffadha.

Itti aansuudhaan yeroon odeeffannoo gurraachuuf ollaa baadiyyaa keessa miilaan deemeetti otoo hin nuffiin guyyoota hedduu kan na waliin dadhabe obboleessa koo Barsiisaa Silashii Abbabaa baay'een galateeffadha.

Kana malees, obsaafi garaa bal'inaan haala hin mijanne keessatti haala mijeessee osoo na hin nuffiin na gorsuufi na jajjabeessuun kan na deeggaran gorsaakoo Dr. Taaddasaa Jaalataa baay'een galateeffadha.Dabalataanis, barreeffamaan kan na gargaare mucaakoo Barataa Firaa'ol Birhaanuu guddaan galateeffadha.

## JIBSOO

Akkataa galumsa isaaniitiin tokko tokkoo hiika garagaraa ni qabaatu. Kan gidduu galeeffachuun jechoonni armaan gaditti bareeffaman qorannicha keessatti hiika laatameef kana akka qaban dubbistoonni qorattuu kanaaf haa hubatan. Jechoonni kunis,

Allaanduu-caffee( marga lalisaa bishaan keessaa)

Boondii- Qarshii kudhan

Danboshee-miidhagduu

Gumbii-meeshaa midhaan itti kuufamu

Haamsaa- Qarshii Shantama

Haphataa- baduuf kan deemu

Hoffaa-gadaameessa

Horbobbeessa-luluqisa

Ijibbaata-kan dhumaa

Kaloo-marga

Komee - sababa kaasuu

Koodewwan- hiriyoota

Kuboota-faltii ykn dhoqqee loonii goge

Macca-fagoo

Madabii-iddoo cisichaa biyyoo irraa tolfame

Migira-diffii daraare kan hodhaa itti hodhan

Naachoo- xiqqoo

Qarree-durbummaa

Qulaanceessa-bifa nama geedara
Qulqullummaa Durbbummaa

**GABAAJEE**

- A.L.I. – akka lakkoofsa Itoophiyaati.
- COVID-19 - Dhukkuba vaayirasi koroonaa 2019
- Fkn – fakkeenya
- K.k.n – kan kana fakkaatan
- Wkf. - waan kana fakkaatan
- Ykn. – yookiin

| Qaabiyyee | Baafata | Fuula |
|---|---|---|


AXEREERAA ........ i

GALATA ........ ii

JIBSOO ........ iii

GABAAJEE ........ iv

BOQONNAA TOKKO ........ 1

1.SEENSA ........ 1

1.1.Seen-Duubee ........ 1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa ........ 4

1.3. Gaaffilee Qorannoo ........ 6

1.4. Kaayyoo Qorannichaa ........ 7

1.4.1. Kaayyoo Gooroo ........ 7

1.4.2. Kaayyoo Gooree ........ 7

1.5. Faayidaa Qorannichaa ........ 7

1.6. Daangaa Qorannichaa ........ 8

1.6.1. Qubsuma Uummata Oromoo Aanichaa ........ 9

1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 10

BOQONNAA LAMA :SAKKATA’A BARRUU WALFAKKII ........ 11

2.1. Fookiloorii ........ 11

2.1.1. Akaakuuwwan Gurguddoo Fookiloorii ........ 12

2.1.1.1. Afoola ........ 12

2.1.1.2.. Barsiifannaa Hawaasaa ........ 13

2.1.1.3. Meeshaa Aadaa ........ 14

2.1.1.4. Dalaga Artii Duudhaa ........ 14

2.2. Maalummaa Afoolaa ........ 15

2.3. Gosoota Afoolaa ........ 16

2.4 Amaloota Afoolaa ..... 16
2.5. Maalummaa Af-walaloo ..... 19
2.6. Weedduu ..... 19
2.6.1. GosootaWeedduu cidhaa ..... 20
2.7. Faayidaa Weedduu Arrabsoo Sirna Fuudhaafi Heerumaa ..... 23
2.8. Faayidaa Afoolaa ..... 23
2.9. Maalummaa Weedduu Durbaa ..... 24
2.10. Faayidaa Weedduu Durbaa ..... 25
2.11. Yaaxinaalee Fookiloorii ..... 26
2.11.1 Yaaxina Faayidaa ..... 26
2.11.2 Yaaxina Caasimaa ..... 27
2.11.3 Yaaxina Haalawaa Fookiloorii ..... 28
2.12. Haala Hawaasummaa Weedduu Durbaa ..... 29
2.13. Walaloo Weedduu Durbaa ..... 29
2.14. Yoomessa Weedduu Durbaa ..... 29
2.15. Hurrubummaa Weedduu Durbaa ..... 30
2.16. Hirmaattota Weedduu Durbaa ..... 30
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ..... 31
3.1 Saxaxa Qorannichaa ..... 31
3.2. Mala Akkamtaa ..... 31
3.3. Madda Odeeffannoo ..... 32
3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ..... 32
3.4.1. Iddetteessuu Akkayyoo ..... 33
3.4.2. Iddatteessuu Darban Dabarsaa (Iyyaaffannoo) ..... 33
3.5. Tooftaalee Odeeffannoon Ittiin Funaaname ..... 33
3.5.1. Af-gaaffii ..... 33

3.5.2. Marii Garee ........ 34

3.5.3. Daawwannaa ........ 35

3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo ........ 35

BOQONNAA AFUR: RAGAALEE DHIYEESSUU, QAACCEESSUUFI HIIKA KENNUU ........ 36

4.1 .Gosoota Weedduu Durbaa Sirna Fuudhaafi Heerumaa ........ 37

4.1.1. Weedduu Durbaa Jalbultii Qe’ee Warra Intalaa ........ 37

4.1.2. Weedduu Durbaa Yaaddoo Mul’isuuf ........ 39

4.1.3.Fedhiin Ala horiin Jijjiramuu Intala Heerumtuu Weedduu Agarsiisu ........ 41

4.1.4. Jaalala Hiriyoota Isheef Qabdu Ibsuu ........ 42

4.1.5.Haadha Garaa Raasuuf yookiin Gaabbisiisuuf ........ 44

4.1.6. Gorsa Intala Heerumtuuf Dhaamamu ........ 45

4.1.7.Weedduu Misirricha Ilaalchiisee Jala bultii Mana Warra Intalaa ........ 46

4.1.8.Guyyaa Gaafa Cidhaa Yeroo Misirroon Dhufuu Didee Ture ........ 50

4.1.9. Karraa Warra Misirritti Yoo Ga’u ........ 51

4.1.10. Erga Gurbaan Ol Seenee Weedduu Weeddifamu ........ 52

4.1.11. Weedduu Yeroo Intalli Baatu Weeddifamu. ........ 54

4.1.12. Weedduu Jala Bultii Mana Warra Gurbaa ........ 55

4.1.13 . Weedduu Guyyaa Cidhaa Mana Waarra Gurba ........ 57

BOQONNAA SHAN:CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATA ........ 58

5.1. CUUNFAA ........ 59

5.2.ARGANNOO ........ 59

5.3.Yaboo ........ 60

Wabiilee ........ 62

Dabaleewwan ........ 65

# BOQONNAA TOKKO

## 1.SEENSA

### 1.1.Seen-Duubee

Ummanni Oromoo durii kaasee qaroomina bu'uuraa eenyummaa isaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa ture niqaba. Mallattoon eenyummaa Uummanni Oromoo aadaa,seenaa, duudhaa,falaasama, Jiruufi jireenya, beekumsa bu'uura hawaasni qabu keessaa tokko Fookilooriidha. Fookilooriin Oromoo eenyummaa Oromoo ibsuuf akka qabeenya guddaatti kan ilaalamudha. Fookilooriin Ummata Oromoof aadaa, ilaalcha, amantii,safuufi sona hawaasaOromoo hunda itti ibsachuuf labata haaraaf ittiin dabarsuuf muuxannoofi beekumsa walgonfachisuuf akka meeshaatti kan tajaajiludha. "The Oromo folklore,oral tradition, music, art, and particularly proverbs and sayings has given this notion a sense of identity and common heritage. It becomes the way they see, understand interpreat the world and express their belief, and values about it" (Mangashaa,1992: 11-12). Fookilooriin Oromoo akka yaada kanaatti ilaalcha hawaasaa, hubannaa isaanii akkaataa Oromoon addunyaa itti ibsu, sonaafi amantii qaban ittiin ibsatan mara hammata. Innis wantoota afaaniin darban muuziqaa, Ogummaa, keessumaattuu mammaaksaafi jechamoonni yaada miira eenyummaafi hambaa seenaa kan ibsanidha.

Fookiloorii duudhaa hawaasaa ,walitti dhufeenya garee hawaasaa,guyyaa dhalootaa, sirna raawwii gaa'elaa, kabaja ayyaanaafi amantii of keessaatti qabata. Dhalli namaa barreeffamaan of ibsuun osoo hin jalqabiin dura og-afaan ykn fookilooriin hawaasaa, walitti dhufeenya garee hawaasaa, guyyaa dhalootaa, sirna raawwii fuudhaafi heerumaafi raawwii sirna awwaalchaafi kabaja ayyaanota amantii of keessatti qabata.Melakneh, (2006:8)

Dhalli namaa barreeffamaan ofibsuu osoo hinjalqabiin dura og-afaan ykn fookilooriin ykn fakkiifi bocaan yaada ofiisaa ibsaa ture. (Asaffaa,2009:20). Fookilooriin sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenya, heeraafi seera, hooda, safuufi falaasama dimshaashumatti ilaalcha addunyaa keessa jiruuf qabu, og afaaniin dhalootaa dhalootatti

dabarsuudha. Karaa biraatiin, fookilooriin calaqqee aadaati. (Dundes, 1965:72). Bukenyaan (1994) akka ibsutti og-afaan haala jireenya hawaasa tokkoo kan murteessuufi kuufama beekumsaa kan hawaasni fuulduratti fuudhee deemuudha.. Hawaasni og-afaansaatiin muuxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaa, rakkoo jireenya keessatti isa mudate ittiin ibsata.Kana malees, muuxannoo hawaasni durii keessa darbe isa amma jiruuf malli ittiin qaqqabu og-afaaniin. Og-afaan aadaa uummata tokkootti lubbuu horee umurii dheeraa akka qabaatu taasisa.

Af-walaloon hawaasa barreessuufi dubbisuu hindandeenye ykn danda'uuf walaloodhaan qinda'ee afaaniin kan darbuudha. Yaad-rimeen af-walaloo baay'ee walxaxaadha. Irra keessa yoo ilaalame barreeffamaan osoo hintaane afaaniin dhaloota tokko irraa isa itti aanutti kandarbuudha Finnegan (1976). Weedduu shaakalaa kan adda godhu ni jira.Tokkoffaa yoomessa yeroo cidhaatiin ala weeddifama. Inni lammaffaa dhimma weeddifamuuf qaba.Weedduun yeroo hojiifi bashannanaafis niweeddifama. Bascom(1965)Yaada kana walfakkatuMisgaanuun, (2011:66) irratti Holcomb (1973) waabeffachuun yoo ibsu, "Girls and boys used to practice their song before wedding in open fields where no man could their imperfect attempts,"jetti.Yaada kanarraa akka hubatamutti shamarronniifi dargaggoonni gaa'ela keessatti, iddoo itti namoonni dogoggora sirreefatanidha.

Afoolli dhalli namaa yaada isaa barreeffamaan dabarfachuu osoo hin jalqabiin dura kan afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa tureefi ammas kan darbaa jiru dha. Kunis bara durii kaasee uummanni Oromoo akkuma uummata kamiyyuu seenaa, aadaa,amantii,falaasama,duudhaa, haala jiruuf jireenya mataa isaa qaba.(Misgaanuu,2011). Ogummaa dhalli namaa jireenya isaa keessatti horate keessaa tokko afoola. Afoola jechuun akkuma maqaa isaa irraa hubatamu afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa dhufeefi darbaas jiruu, fuulldurattis kan darbu damee aadaa saba tokkooti. Tasfaayee (2003:18).

Masfiin (1995:42) akka ibsutti, " Afoolli yaaxina baay'ee bal'aa ta'e hambaalee hunda kan hammatu, kanneen durdurii, hibboo, sirboota aadaa, tapha ijoolleefi k.k.f. afoola keessatti hammatamu" jedha. Kanumaan walqabatee, Finnegan(1999:142) akka ibsitutti" Uummanni bal'aan osoo waan tokko hin baratiin akkanumatti kan kuufate qabeenyi uummataa ykn hambaan hundinuu afoola jedhama" jetti. Yaada hayyoota kanarraa akka hubatamutti,

sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenya isaa, heeraafi seera isaa, falaasamaa fi hooda isaa, walumaagalatti, ilaalcha addunyaa kanaaf qabu hunda gara dhaloota itti aanuutti dabarsuuf afoolli shoora olaanaa qaba.

Uummanni Oromoo seenaafi falaasama isaa kanas, Ogummaa mataa isaatiin ibsachaa tureera; ammas ibsachaa jira; fuulduraattis ni ibsata. Kanaaf, uummanni Oromoo haala siyaasa, aadaa, amantii, dhuudhaa fi k.k.f. afoola gabbataa qabuun ibsachaachaa ture. Misgaanuu,(2011:6) maalummaa afoolaa yommuu ibsu, " Afoolli ibsituu aadaafi calaqqisiistuu eenyummaati. Kunis, kan nu hubaachiisu afoola beekuun, aadaa beekuu, of beekuufi afoolli beekumsa, amantaa, aadaa hawaasichaa jecha afaaniifi gochaatiin kan dabarsu" jechuun ibseera. Kunis kan nu hubachiisu afoolli ibsituu aadaafi eenyummaa saba Oromoo ta'uu isaa nu agarsiisa. Uummanni Oromoo aadaa hedduu qabu keessaa inni tokkoofi inni yeroo baay'ee hawaasa walitti fiduun beekamu aadaa fuudhaafi heerumaati. Aadaan fuudhaafi heerumaa kun immoo gosoota afoolaa hedduudhaan tumsama. Gosoota afoolaa keessaa inni tokko weedduu durbaa yeroo gaa'elaa weeddifamudha. Kanumarraa, ka'uudhaan aadaan yeroo baay'ee hawaasa walitti fiduun beekamu aadaa fuudhaafi heerumaa irratti weedduu durbaa yeroo gaa'elaa weeddifamudha. Kunis, yeroo ammaa kana sababoota garaa garaatiin dagatamaa dhufeera. sababa amantaafi teekinoloojiin guddachaa dhufuu isaatiin akka dagatamu ta'eera. Kanaaf, qorattuunis, qorannoo ishee qaaccessa ergaa weedduu durbaa Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree irratti xiyyeeffatte.

Weedduun durbaa gosoota afoolaa keessaa tokko kan ta'e aadaa, duudhaa, falaasamaa fi safuu hawaasaa himiinsa afaanitiin dhaloota dhalootatti dabarsa. Yaada kana kan deeggaru hayyuun Melakneh Mangistuu (1999) akkas jechuun ibsa: "*Oral literature refers to verbal heritage of mankind transmitted from generation to generation by word of mouth. It includes antiquarian treasures as folk, tables, proverbs, riddles myths, legends, dirges, jocular, Anecdotes songs, and folk poetry."*Kana jechuun gosa afoolaa kan ta'e weedduun durbaa kun hambaa dhala namaa dhaloota dhalootatti afaaniin kan dabarsu ta'uu isaati. Qabiyyeen isaas weedduu ergaa adda addaa qabate kan of keessatti qabudha.

Weedduun durbaa kun irra caalaa afaaniin daddarbuudhaan duudhaa, barsiifataafi amantii hawaasa Oromoof madda ta'uun kan fayyadudha. Haaluma kanaan qo'annoon kun

qaaccessa weedduu durbaa sirna fuudhaa fi heerumaa ergaa isaa ibsa. Weedduu durbaa sirna gaa'elaa geggeeffamurratti kan hirmaatan irra caalaan isaanii shammarraniifi haadholiidha. Jireenya dhala namaa keessatti namoonni hundi haala walfakkaatuun gaa'ela kan rawwatan miti (Huseen, 2000). Weedduun durbaa sirna fuudhaafi heerumaa Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree keessatti iddoo guddaa qaba. Weedduun kunis cidha sana ho'iisa. Akkasumas, weedduun durbaa haala dhokataa amala ilma namaa ni qajeelcha, ni gorsa, ni barsiisa. Haala dhiyeenya isaanii yoo ilaallee kan safuu cabse fakkaata; qabiyyeen keessoo isaa garuu, safuu barsiisa malee kan cabsu miti. Kanaafuu, faayidaan weedduu durbaa sirna fuudhaaf heeruma keessatti qabu guddaa dha. Kana malees, kaayyoon weedduu kanaa inni guddaan faayidaa fi bu'aa weedduun durbaa sirna fuudhaafi heerumaa gaggeeffamu keessatti duraan qabaachaa tureefi haala har'a irra jiru qorachuun dhaloota jiruufi dhufuuf dabarsuudha.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf sababoonni nama kakaasan jiraachuu qabu.Kanaafuu, qorannoo kana adeemsisuuf ka'umsa kan naaf ta'e sababoota adda addaatiin dagatamuu ogwalaloo arrabsoofi mararrooti. Akkan maanguddootaafi haadholii irraa dhagaheetti bara durii weedduun fuudhaafi heerumaa gaa'ela kaadhimmachuun raawwatu keessatti tartiiba seera aadaa sanaa eeguun bal'inaan kan dhiyaataa turedha. Kunis, Kaadhimaan lamaan guyyaan beellama sirna gaa'ela isaanii raawwatamuuf torban lama (kudha-arfan) yeroo isaan hafu, weedduu mata mataa isaanii weeddisuu jalqabu.Weedduun arrabsoo kan durbi heerumtu addooyyee ishee waliin taatee gurbaa ishee fuudhuufi fira isaa ittiin arrabsitudha. Haaluma walfakkaatuunobboloonniifi firoonni gurbaa fuudhu waliin ta'uudhaan intala isatti heerumtuufi firoota ishee kan ittiin arabsanidha.Arrabsoon weedduu yeroo cidhaa weeddifamu ta'ee, kan gurbaan fuudhu gootummaaf, intala heerumtu immoo durbummaaf faarsaa turan tauu hubadheen jira.

Fookilooriin waan hawaasni jiruufi jireenya isaa toora qabsiisuuf, beekumsa ganamaa (indigeneous knowledge) gargaaramuun utuu hinbaratin dandeettii uumamaan waan ijaan mul'atuufi hinmul'anne, kalaquun gamtaadhaan hawaasni ittigargaaramu hunda ilaallata. Kunis, ta'ee darbuusaa osoo hintaane waan ta'ee darbe sana qorachuun jiruufi jireenya kaleessaa isa har'aatti fiduun dhugoomsina. Fookilooriinis yaada uume qofa osoo hinta'iin waan

dhugaadhaan itti jiraatamee keessa darbamuudha (Asaffaa, 2011:13) “Afoolli jireenya ilma namaa keessatti faayidaa guddaa qaba.Hawaasni qubee mataa isaa hinqabne seenaa, duudhaafi safuu isaa afoolaan dhalootaaf dabarsa” jedha (Geetachoo, 2008:14).Gama biraatiin, afoola akka aadaafi ibsituu aadaatti kanneen ilaalanis sababa gooroon afoolaa tokko geeddaramaa deemuu danda’u qulqulleessanii dhiyeessu.Akka yaada isaaniitti yeroo tokko tokko afoolarratti jijjiiramni bu’uuraa barbaachisaa ta’uu danda’a.Yeroo biraa ammoo, barbaachisaa ta’ee mul’achuu dhiisuu nimala. Kunis, gahee gooroo afoolaa sun hawaasa sanaaf qabuufi jijjiirama waliigalaa hawaasichaafi naannoo hawaasni sun jiraatutti dhufaa jiru waliin walqabata (Georgesiifi Jones, 1995: 320).

Og-afaan seenaa hawaasa tokkoo keessatti haalli geeddarumsa jiruufi jireenyaa, dhiibbaan saayinsiifi teeknoloojii, siyaasa, diinagdeefi hawaasummaa, mul’achuu danda’a. Sababa kanaan hawaasni aadaa mataa isaa dhiisee kan biroo faana dhahuu jalqaba. Kun immoo geeddaramsa og-afaaniif sababa guddaa ta’uu ibsa (Asaffaa, 2009:27). Akkasumas, Og-afaanhaala yeroo wajjin jijjiiramuu danda’uusaa agarsiisa. Kunis, yoo xiqqaate haala lamaan jijjiiramu danda’a. Tokkoffaa, barnoota saayinsiifi teeknoloojiin kan dhufu yoo ta’uu, inni lammaffaan immoo hirmaattoonni raawwii og-afaanii yeroo ammaa aadaa duraan ture dagatanii isa keessa jiranitti of fakkeessuun haalaafi yeroodhaan kan jijjiiraman ta’uu ibsa.(Okpewho, 1992: 39-41). Weedduun gosa og-afaanii keessaa tokko waan ta’eef jijjiiramaa (irraanfatamaa) kan dhufe waan dhaloonni haaraa akka aadaa duubatti hafootti ilaalanii amantii garaagaraa waliin walqabsiisaa deemuun irraanfatamaa (jijjiiramaa) dhufe (Sumner, 1996: 5).

Weedduun Durbaafuudhaafi heerumaa hanga har’atti qofatti adda ba’ee qorannoon quubsaa ta’e irratti hingeggeffamne. Naannoo raawwii gaa’elarrattihojiin hojjetame jira. Asaffaa (1983), Taganyee (2006) Haayiluu (2007), Gannat (2012) Seefuu(2008) Naannoo raawwii gaa’elatti hojiin hojetame jira. Ta’us, yeroo ammaa xiyyeeffannoon itti kennama hinjiru. Kunis, gama amantiiniifi saayinsiifi teeknoloojiin dhiibbaan weedduu Durbaa irra gahu salphaa miti. Falaasama Oromoon ofii uumee jiruufi jireenya isa keessatti afaaniifi barreeffaman hanga har’atti itti fayyadamaa turan akka gadantummaatti ilaalamee hafaa /badaa jira. Kanaafuu, ilaalcha dogoggoraa kan hir’isuun kallattii sirrii ta’een weedduun Durbaa sirna fuudhaafi heerumaa kunog-barruun Oromootiif bu’uura waan ta’eef dhaloota haaran itti fufuu qaba.

Sababni qorannichi barbaachiise ammaan argee dubbisetti mataduree kanarratti qorannoonkallattiin irratti geggeeffame hinargine. Kanaafuu, mataduree kana irratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaa ta'e jira.

Qorannoon kun qaacceessa ergaa weedduu durbaa sirna fuudhaafi heerumaa Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree irratti kan xiyyeffatedha. weedduun durbaa kunis barreeffamaan osoo hin taane jechaan kan ture waan ta'eef jechaan dhalootaa dhalootatti yommuu darbaa dhufu immoo adeemsa yeroo dheeraa keessa jijjiiramaa waan deemuuf toora galmee barruu qabatee dhaloota dhufuuf taa'uu waan qabuuf, kana malees beekumsaafi falasamni akkasumas, muuxannoon ooltee bultee isaanii keessatti dhugaan ergaa weedduu durbaa kana keessa darbaa jiru nama tokkoofis ta'e waloof guddaa ta'uu isaatti amanuudhaani….

Gabaabumatti qorannoo kanaaf qorattuu kan kakaase keessaa qabxileen ijoon: Tokkoffaan weedduun durbaa kun aadaafi safuu hawaasaa keessatti ergaa inni qabu baruuf, Lammaaffaan amantiitti hirkachuun aadaafi duudhaa ganama hawaasni Oromoo weedduu durbaaf qabu laafaa deemuun isaa rakkoo ta'ee waan natti mullateef, Sadaffaa sababa babal'achuu magaalootaafi ammayyummaa irraa kan ka'e dubarri Oromoo magaalaa jiraattu aadaafi duudhaa saba isheetiif xiyyeeffannoon kennitu laafaa deemuun dhaloota duuba dhufaa jiru biratti weedduun kun hafaa jiraachuu isaati.

Weedduun durbaa gosa afoolaa keessaa tokko akka ta'e ni beekama. Haaluma kanaan Uummanni Oromoos eenyummaa isaa, aadaa, afaan, duudhaafi safuu qabu ittiin calaqqiisiifata. Kanaas akka afoolli Oromoo Tuulamaa jildii lammaffaa (1999) keessatti ibsametti afoolli qabeenya hawaasati.Akkasumas Uumatni Oromoo yeroo barreeffama mataa isaa hin qabaannetti aadaa, duudhaa, falaasamaa fi barsiifata isaa karaa afoolaan dabarfataa tureera. Kanaafuu, qorannoo kana gaggeessuuf ka'uumsa bu'uuraa kan ta'e qaaccessa ergaa weedduu durbaa sirna fuudhaafi heerumaa yeroo ammaan kana haala adda addaatiin dagatamaa dhufe badii irraa hanbisuudha.

### 1.3. Gaaffilee Qorannoo

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadiif deebii ni kenna.

1. Qabiyyeen weedduun durbaa ergaa akkamii qaba?
2. Ga'een weedduun durbaa gaa'ela ijaaruu keessatti qabu maali?
3. Sababoonni weedduu durbaa akka badu taasisan maali ?

## 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon Qorannoo kanaa bakka lamatti kan qoodamu yommuu ta'u, isaanis Kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree jedhamu.

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon waliigalaa qorannoo kanaa Ergaa Weedduu durbaa Godina Shawaa Dhiyaa Aanaa Ejeree qaacceessuudha.

### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa

1. Ergaa qabiyyee weedduu durbaa ibsuu.

2.Ga'ee weedduun durbaa gaa'ela ijaaruu keessatti qabu ibsuu.

3.Sababoota weedduun durbaa akka badan taasisan ibsuu.

## 1.5. Faayidaa Qorannichaa

Faayidaan qorannoo kanaa inni guddaan weedduu durba Oromoo Aanaa Ejeree qabiyyee isaa qaaccessuudhaan ergaa isaa hubachiisuudha. Bu'aa qorannoo kana irraa argamu hedduu keessaa;

1. Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree keessatti ergaa weedduu durbaa sirna fuudhaa fi heerumaa dhalootaa dhalootatti darbaa turee fi darbaa jiru bifa barreeffamaan kaa'uudha.

2. Weedduu durbaa Aanaa kana keessatti sababa amantiitiin dagatamaa dhufe qaaccessuun dhaloota dhufuuf dabarsuudha.

3. Qabiyyee fi ergaa weedduu durbaa Aanaa Ejeree adda baasuun ibsuudha.

4. Namoonni qoraannoo kana dubbisanii ergaa weedduu durbaa Godina Shawaa Dhiyaa Aanaa Ejeree kana hubachuun dhalootaaf dabarsuu danda'u.

5. Namoota qoraannoo kanan wal fakkattu hojjetaniif ka'umsa ta'uun bal'inaan weedduu durbaa akka qaacceessan karaa bana.


6. Haftee qoraannoo kanaa waajjiira Aadaafi Turiziimii magaalaa Ejereetti yoo argatan dubbisanii akka madda ragaatti tajaajiluu danda'a.

Kanaa malees dhaloonni haaraan ergaan weedduun durbaa qabu akka baru, irraa baratee akka aadaa Oromoo ganamaa kana eeguuf fayyidaa guddaa qaba.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Afoolli hawaasa Oromoo bal'aadha. Damee hedduus of jalatti hammata. Innis kanneen akka sirbaa, Geerarsa, weedduu, faruu loonii fi kan kana fakkatan maqaa dhahuun ni danda'ama. Afoolawwan kanneen bakka tokkotti fiduun qorachuun immoo yeroo murtaa'e kana keessatti waan danda'amu miti. Baasii xiqqaanis nama hin gahu. Kanaafuu qorannoon kun kallattiin kan xiyyeeffatu qaacceessa weedduu durbaa irratti kan daangeffamedha. Kanuma irraa ka'uudhaan :

Qorannoon kun Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree irratti kan gaggeeffamedha. Aanaan kunis Finfinnee irraa gara lixaatti Km 47 fagaattee kan argamtudha. Dhimmi qorannoo kanaas qaaccessa ergaa weedduu durbaa sirna fuudhaaf heerumaa Aanaa Ejeree irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, weedduu durba keessaayyuu kan mana warra intalaatti weeddifamudha. Sababni bakki kun filatameef afoola weedduu Durbaa abbootiin himiinsa afaaniin asiin ga'an kun yeroo ammaan kana sababa amantii,saayinsiifi teeknoolojiin waan dagatamaa dhufeef afoola kana qoradhee baasuun barreeffamaan dhaloota dhufuuf dabarsuufi.





**Kaartaa 1, Aanaa Ejeree: Maddi ,Waajjira Barnootaa aanaa Ejeree bara, 2007.**

### 1.6.1.Qubsuma Uummata Oromoo Aanichaa

Uummanni aanaa Ejeree keessa jiraatu irra caalaan isaanii Oromoo yoo ta'an sabaafi sab-lammoonni biroos hangi tokko keessa jiraatu. Hidda dhaloota ummata Oromoo aanaa Ejeree akka ragaan kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa jedhurraa argametti, warra Tuulamaa yoo ta'an isaanis, Iluu, Meettaa, Waajituu, Garasuu, Keekkuufi Urudha. Isaan kunis ilmaan Bachooti.

Ragaan kana mul'isu, caatoo itti aanurratti duraa-duubummaa isaanitiin agarsiifamaniiru.




Caatoo hidda dhaloota Oromoo aanaa Ejeree kitaaba Seenaa oromoo hanga jaarraa16ffaa (2006:106 ,109) irraa fudhatame.

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Akkuma beekamu weedduun durbaa bakka sirni fuudhaafi heerumaa gaggeeffamu keessatti kan raawwatu ta'uun isaa ni beekama. Haa ta'u malee qorattuun weedduu kana haala qindaa'een sagaleefi gocha waliin waraabuufi bifa isaa duraanii argattee haala nama hawwatuun qindeessitee dhiyeessuu hin dandeenye. Sababni isaas, yeroo ammaa namoonni amantii fi qaroomiina irraa kan ka'e weedduu kana gataa fi dagachaa waan deemaniifi kan ofii gatanii kan biroo ammayyummaan walqabatetti dhimma ba'aa waan jiraniif argachuun ulfaataa ta'ee jira. qorattuun yeedaloofi sagalee isaa argattee waraabuu baattus sirna isaa keessaa kan yeroo hamaammonni intala fuudhuu dhufaniifi yeroo isaan intala fudhatanii deebi'an suura argatte waraabdee dhiyeessuu dandeessee jirti.

## BOQONNAA LAMA: SAKKATA'A BARRUU WALFAKKII

Boqonnaa kana jalatti qabxiileen akka waliigalaatti dhiyaatan: fookiloorii, Akaakuu Fookiloorii Maalummaa afoolaa, Gosoota afoolaa, Amaloota afoolaa, Faayidaa afoolaa, maalummaa Weedduu Durbaa, faayidaa Weedduu Durbaa, Yaaxina Fookiloorii,Yaaxina Faayidaa, Yaaxina Haalawaa, Gosoota Weedduu Durbaa, arrabsoo, mararoo , yaaddoo, yoomessaWeedduu Durbaa, sakatta'amee dhiyaatee jira.

### 2.1. Fookiloorii

Fookilooriif yeroo adda addaa hiikni adda addaa kennamaa tureera.Fookilooriin falaasama aadaa hawaasummaa eenyummaa garee hawaasa waliin jiraatanii walii gala bartee hawaasichaa irratti hundaa'ee kan dubbiin dhalootaa dhalootattihaala adda addaan afaaniin, ogumaan, muuziqaan, sochii qaamaan, taphaan, baacoon, duudhaan, ogummaa harkaafi aartiiwwaan biroon kan ibsudha (Finnegan, 1992: 4). Ramailan (2005:14) akka barreessetti fookilooriin karaa ittin namoonni naannoo tokkoo icciitii uumamaa waaqaafi lafaa ibsatan, haala uumama iddoo jiratanii ittiin calaqqisiisanidha. Sababnisaas qabiyyeen fookiloorii walitti dhufeenya namootaafi naannoo isaa gadifageenyan ifatti waan namatti agarsiisuufidha. Akkasumas Dundes (1965:15) akka ibsetti "most of American folklorist"s folklore consists of a number of specific cultural items which are usually transmitted from person to person" jedha. Akka yaada kanaatti fookiloorii aadaalee murtaa'aa ta'an hedduu yeroo hunda nama irraa namatti darban ykn lufummaa ofkeessatti kan qabudha jedha. Weedduun Durbaa sirna fuudhaafi heerumaa keessattis warri quxisuun hangafoota irraa yoomessa dhugaa keessatti daawwachuun, caqasuunfi shaakaluun ofumaan baru. Fookiloorii ilaalchisuun namoonni adda addaa hiika adda addaa akka kennaa turan ibsa.

Hiika gara garaa kennuu namootaa kanaafis sababootni adda addaa akka dhiyaatu ta'e kanneen keessaa muraasni: namoonni hunduu addunyaa kanaaf ilaalcha garaa garaa qabaachuu isaanii, yaadarimee isaa rakkisaafi ulfaataa ta'uu isaa, hiikkaaleen amma ammaatti kennamaniif adda adda akka ta'e ibsa. (Dastaa, 2011: 3). Fookilooriin saayinsii gooroowwan kan akka aadaa, amantii, barsiifataa, gochoota, mammaaksa jechamoota sirbaafi kanneen, kana fakkaatan kan addaan baasuudha.Gabaabumatti beekumsa hin qorataminidha (Finnegan, 1976:50). Fookilooriin hubannoo hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadan osoo homaa hin dhoksiin afaaniin ifa baasee agarsiisa. Kana jechuun

fookilooriin daawitii hawaasni tokko ittiin ilaalamu akka ta'e agarsiisa (Georges fi Jones, 1995:170). Akkasumas Oring (1986) Dundes (1965) waabeffachuun akkas jechuun ibsa: qabiyyeewwan fookiloorii durdurii, raagamtaa, sheekkoo, waldhabdee, baacoo, mammaaksa, hibboo, eebba, abaarsaafi kankanaa fakkaatan qabata. Akka yaadolee kanaatti fookilooriin beekumsa kalaqa afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbuudha. Fookiloorii goroowwaan gurguddoo afur qaba. Isaanis, afoola (oral literature), meeshaalee aadaa (material culture) duudhaa hawaasaa (folk costom), artii sochiii qaama (performing folk art), jechuudhaan qoqqooduun qorachuun akka danda'amudha (Durson, 1972,). Kanarraa kan hubatamu jechi fookiloorii jedhu waan hammatuun yoo ibsame damee beekumsaa mala saayinsaawaa ta'een afoola, meeshaalee aadaa, artii sochii qaamaafi duudhaa hawaasaa kan qoratu ta'uusaati.Yaada kanarraa akka hubatamutti afoolli gooroowwaan fookiloorii keessaa isa tokkodha.

#### 2.1.1 Akaakuuwwan Gurguddoo Fookiloorii

Fookilooriin firiiwwan hedduu ofkeessatti akka hammatu hayyoonni adda addaa qorannoo isaaniitiin addeessaniiru. Firiiwwan garmalee baay'ee ta'an akaakuu akaakuudhaan toora qabachiisuuf Richard Dorson (1972:3) firiiwwan gurguddoo afuritti qooda. Isaanis: Afoola (Oral literature), Barsiifata hawaasaa (Folk custom), Meeshaa aadaa (Material Culture) fi Dalaga Artii duudhaa (Performing Folk Art) jedhamu. Kanaaf, firiiwwan gurguddoo kana dubbistoota hubannoof akka gargaaran armaan gaditti tartiiba tartiibaan ilaaluu yaalameera.

#### 2.1.1.1. Afoola

Afoolli gosa oguma ta'ee aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasaa himamsa afaaniitiin dhalootaa dhalootatti darbudha. Ilaalchaafi falaasama hawaasaa dhaloota haaraatti beeksiisuufi barsiisuun akka riqicha cimaa ta'ee tajaajila. Kana malees, aartii jechaa aadaafi duudhaa hawaasaa afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu kan akka weedduu aadaa ofkeessatti hammata (Dorson,1972). Kunis, afoolli hawaasa tokko keessatti kallattii hedduutiin gumaacha kenna. Afoola fayyadamee hawaasni walbarsiisa, duudhaa hawaasaa toora

qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaa addunyaasaa beeksifata, ittiin bashannana walbashanansiisa. Hawaasni bifa ammayoomeen har'a seerawwan, amantiifi siyaasaan wal bulchuuf dhagaa bu'uuraa kan ta'e, beekumsa afoolaa irra dhaabbateeti (Georgesfi Jones, 1995: 314). Afoolli haala addunyaa kanaa kan ittiin hubannu, haala jiruufi jireenyaa, hundaaf akkaataa jireenya dhala namaa hunda tuttuqa jedha (Dundes, 1965). Waan darbee ragaa dhugaa, ilaalchisee Asaffaan (2009:23) dhumarratti "Akkuma daawwitii keessatti of ilaallu kan faana jiru deebisee calaqqisuu gochuu osoo hintaane akka ofilaalee cabaa fuula tolchuu isa tahes isa hintahiinis mul'isuu ta'a," jedha. Akka yaada kanaatti wanti afoola hawaasaa jala dhokatu akka hinjirredha. "Afoolli aadaa, duudhaafi safuu hawaasa tokkoo dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanutti afaaniin daddarbaa kan dhufe, darbaa kan jiru.

Akkasumas, fuuladurattis kan darbu damee aadaa saba tokkooti" (Abarraa, 1999: 48). Yaada armaan olii irraa akka hubannutti afoolli calaqqee jirufi jireenya hawaasaa ta'ee afaaniin labata tokko irraa gara labata birootti kan darbudha. Bichakan (1996) akka ibsutti, uummatni Oromoo waantoota miira dhageettii isaa tuqan, jechoota qindeessee, bareechee ittiin dhimma bahaa ture. Afoolli Ummata Oromoo hawaasichaaf madda beekumsa isaati. Qorannoon bal'inaan osoo irratti adeemsifamee kuusaa beekumsaa akka ta'edha.

#### 2.1.1.2. Barsiifannaa Hawaasaa

Barsiifanni hawaasaa firiiwwan fookloorii gurguddoo keessaa isa lamaata ta'unsaa dursee ibsameera. Barsiifanni yookiin duudhaan adeemsa jireenyaa keessatti gareen uummataa walitti dhufeenya uumuun, gocha raawwatuun, afoolaan irra deddeebi'ee kan itti fayyadamuudha. Kana wajjin walsimatee Simsfi Stephen(2005: 65) akka ibsanitti duudhaa jechuun beekumsaa(lore)fi adeemsa (process) beekuumsi duudhaa ittin goonfatamuu, maalummaan kan ittiin ibsamuudha. Duudhaan dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufe, firiiwwan adda addaa bara wajjin jijjiirama kan agarsiisan kanneen immoo ittifufiinsa kan qaban ta'uusaa hubachuun nidada'ama. Barsiifanni yookiin duudhaan hawaasaa (social folkcustom) akkuma firiiwwan gurguddoo fookiloorii kanneenii akaakuuwwan adda addaa ofkeessatti hammata.

#### 2.1.1.3. Meeshaa Aadaa

Firiiwwan gurguddoo Fookiloorii inni sadaffaa Meeshaa Aadaa ta'uusaa dursee ibsameera.Meeshaan aadaa uummanni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti bifa adda addaatiin kan itti fayyadamu, harkaan soqee yookiin bocee(hand crafting) maayii kan itti ba'an ofkeessatti hammata. Kana malees, huuccuuwwan jila wajjin walsimsiisee itti fayyadamu, haalluuwwan adda addaa kan ofkeessaa qabu, akkaataa manas ta'e dallaa ijaarsaa, nyaataa aadaa akkaataan ittiin qophaa'uuf fi kkf, meeshaa aadaa jalatti akka qoodaman Richard Dorson (1972) niaddeessa. Kanuma wajjin walsimatee ilaalchaafi amantii uummataa kan calaqqisiisan fakkoommiiwwan (mallattoowwan) adda addaa meeshaa aadaa (material culture) ta'uusaanii hubanna. Nyaanni gosa garagaraafi meeshaaleen ittiin dhiyaataan qophii jila kanaa irratti uummanni itti fayyadama. Kanaafuu, akaakuuwwan meeshaalee aadaa raawwii sirna fudhaafi heerumaa irratti gumaachaa guddaa akka godhan hubachuun barbaachisaadha.

#### 2.1.1.4. Dalaga Artii Duudhaa

Akka Richard Dorson (1972:3) toora tooraan addaan qoodetti akaakuuwwan gurguddoo fookiloorii keessaa Dalaga Artii Dhuudhaa (performing Folk Art) kan jedhamu isa arfafaadha. Akaakuun fookiloorii kun aadaa, diraamaa dhuudhaa, diraamaa jechamalee, shubbisa, dhiichisaafi kkf, ofkeessatti nihammata. Akaakuuwwan fookloorii kun firiiwwan fookiloorii kanneen wajjin walsimatanii jilawwan (rituals) adda addaa uummata keessatti kabajamanirratti akka dhiyaatan nihubanna. Fakkeenyaaf, uummata keessatti dalagaawwan adda addaa wayitii gaggeeffaman muuziqaan aadaa meeshaalee wajjiin qindaa'ee, faaruuwwanifi weedduuwwan adda addaa wajjin walsimateeti dhiyaata. Haaluma kanaan, akaakuuwwan fookloorii akka kuula sharariitii walitti hidhiinsa horataniiti hirmaattoonni miidhagina akka dhamdhamatan, barnoota akka irraa argatan taasisu. Weedduu Durbaa sirna fudhaafi heerumaa irrattis gumaachii buusuu laayyoo miti.

## 2.2. Maalummaa Afoolaa

Fedhasaa Taaddasaa (2013) Misgaanuu (2011) waabeffachuun akka kaa'etti afoolli kalaqa sammuu keessatti qindaa'uun afaaniin himamudha. Kana keessatti haalli kuufamaa fi lufiinsa isaa himiinsa afaaniin malee barreeffamaan miti.Wanti afaaniin lufaa dhufe kun baattuu, seenaa, eenyummaa, falaasamaafi kan kana fakkaatan baatanii asgahan. Afoolli barreefamaan osoo hin ta'iin afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan darbudha.Kana ilaalchisee, Irsteen (2012:14) akkanatti ibsiti. "Afoolli dhalootaa dhalootatti kan darbu hambaa uummataati. Namni mirga abbummaa falmatu waan hin jirreef jiruufi jireenya hawaasichaa keessaa kan burqedha. Kanaafuu Afoolli ragaa qabatamaa uummata tokkooti." Itti dabaluun Soofiyaa fi Kaawwaan (1999:1) yoo ibsan "Afoola jechuun akkuma maqaa isaa irraa hubatamu barreeffamaan osoo hin ta'iin afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa kan dhufeefi darbaa kan jiru fuula durattis kan darbu damee aadaa saba tokkooti" jechuun ibsanii jiru. Kana jechuun immoo sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenyaa isaa, walumagalatti, ilaalcha adduunyaa kanaaf qabu gara dhaloota itti aanuuf dabarsuuf afoolli shoora guddaa taphata.

Afoolli afaaniin kan darbu, kan dhiyaatuufi raawwatudha. Kana bu'uureffachuun waa'ee afoolaa ilaalchisee Addunyaan (2014:166) yoo ibsu," Afoolli ogummaa labata tokko irraa gara labata biraatti afaaniin kan darbudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama, beekumsa ittiin hubatuufi ibsu" jechuun ibsa. Akkasumas Soofiyaafi Kaawwaan (1999:142) yoo ibsan, " Afoolli aadaa uummata tokkoo calaqqisiisuu irratti gahee guddaa qaba. Haaluma kanaan afoolli Oromoos aadaafi seenaa, jiruufi jireenya uummata Oromoo calaqqisiisuu irratti gahee guddaa akka qabu " ibsanii jiru.Yaada hayyootaa kana irraa kan hubatamu afoolli haala jireenya hawaasa tokkoo murteessuufi kuufama beekumsaa kan fuulduratti hawaasa fuudhee deemu ta'uu isaa hubanna. Hawaasni afoola isaatiin muuxannoo, jiruufi jireenya, duudhaafi rakkina isa mudate ibsata. Kana malees, muuxannoo hawaasni durii kaasee darbe, isa amma jiruufi dhaloota dhufuuf malli ittiin qaqqabu afoola kana jechuun, afoolli aadaa uummata tokkotti lubbuu horee umrii dheeraa akka qabaatu taasisa jechuudha.

Wasanee (2000:148) afoola yommuu ibsu,“ Afoolli kan dhalootarraa dhalootatti afaaniin darbu hambaa uummataati. Abbummaan osoo hin taanee uummatummaan beekama. Namni mirga abbummaa falmatu waan hin jirreef hawaasa keessaa kan burqe fakkaata”. Yaada kana irraa kan hubannu afoolli kan nama dhuunfaa osoo hin taanee qabeenya uummataa labata tokko irraa gara labata birootti kan afaaniin darbudha.

## 2.3. Gosoota Afoolaa

Akaakuun afoolaa kana jedhanii murteessuun ni cima. Haa ta’uutii akka Misgaanuun kaa’etti akaakuun isaanii afoola bifa hololootiin seenessuutiin Sheekkoo, Baacoo, Afseenaafi kan kana fakkaatan uunkaalee gaggabaaboon kan dhiyaataan immoo Hibboo, Mammaaksa, Jechamafi kan kana fakkaatan yoo ta’an bifa afwalalootiin immoo Weedduu sirna fuudhaafi heerumaafi faaruu Looniiti ( Misgaanuu, 2011:41).

## 2.4 Amaloota Afoolaa

Afoolli amaloota ittiin beekaman hedduu qabu. Isaanis : Hurrubummaa, Miidhagummaa, Garummaa, Jijjiiramummaa, Uumatummaa, Lufummaa yoo ta’an isaan kanas akka armaan gadittii gabaabinaan ibsamaniiru.

### A. Hurrubummaa

Hurrubummaan amala afoolaa kan afoola ogbarruu irraa adda taasisuufi afoolli akka lubbuu horatu kan taasisuudha. Misgaanuu (2011:30) yaada kana deeggaruun waa’ee hurrubummaa yommuu kaa’u “ Afoolli humna godhachuu kan danda’u hurrubni jamaa, ogummaa nama dhuunfaa hurrubuufi meeshaaleen barbaachisan walfaana yoo qindaa’aniidha” jedha.Maalummaa hurrubummaa Simsfi Stephens (2005) yommuu ibsan, hurrubummaan yeroo hedduu amantaaleefi ilaalchonni kan ijaan hin mul’anneef hin qabamne akka mul’ataniifi qabatamaa ta’an kan godhu ta’uu isaati.Dhimma kana ilaalchisee Amos(1993;215) Sims(2005;137)fi Hufford(1995;53) ibsanitti immoo hurrubummaan yoom akka raawatame , eessatti akka raawwatame, haala itti raawwatame kallattii xiyyeeffaannaa akkasumaas sochii yoomessa sana keessatti raawwatamu haala hawaasummaafi kan kana fakkaatan walitti qabate ta’uu ibsa. Hurrubummaan amaloota afoolaa keessaa isa bu’uura ta’e dhimma raawwii afoolichaa gad fageenyaan hubachuuf

jechoota yookiin sagalee wanta darbu caalaa akkaataa hirmaattoonni miira isaanii sochoosanii agarsiisan wal faana ilaalamuu qaba. Finnegan(1970:2).Kana malees, Jaarraafi Wasanee (2008:16) “Hurrubummaan amaloota afoolaa keessaa isa bu’uuraaf, afoolichatti kan lubbuu horudha’’ jedhu.

**B. Miidhagummaa**

Miidhagummaan amaloota afoolaa keessaa tokko ta’ee kan qalbiifi yaada daawwattootaa ofitti harkisuudha. Miidhaginni afoolaa waantota miira namaa harkisutti fayyadamee aadaa hawaasa sanaa karaa ibsuu danda’uun kan dabarsudha. Misgaanuu (2011:33). Miidhagummaan haala afoolli sun itti faarfamu fi ilmaan namaa hawwaachuu danda’uun dhiyaachuu isaa mul’isa. Kan malees, Ben Amos (1982:20) akka kaa’eetti qorannoon afoolaa haala hawaasummaa dhugaa afoolicha keessatti raawwatamuf bu’aa inni walitti dhufeenya hawaasummaaf qabu irratti xiyyeeffachuu qaba.

**C. Garummaa**

Afoolli nama tokkoo qofaaf hin raawwatamu yookiin hin dubbatamu. Gareewwan aadaa, amantiidhaan, umuriidhaan, haala jireenyaatiin kan walfakkataniifi walii galuu danda’an giddutti haasa’ama. Tokkoo yoo dubbatu kan biroon ni dhaggeeffata. Kana jechuun hirmaatootafi dhaggeeffattoota qaba jechuudha. Mitikkuu (1991:155).Amala afoolaa keessaa inni tokko jamaa qabachuudha. Yaada kan ilaalchisee Wasanee(2008:155) yoo ibsu afoolli yeroo kamiyyuu garee barbaada, namoota walitti qabu qaba. Yaada kanarraa hubachuun akka danda’amutti afoolli gareen waan dalagamuuf jamaa kan qabudha. Kana malees, jalqabaa hanga xumuraatti gareedhaan wal faana weeddifamu (Finnegan,1970:259).

**D. Jijjiraamummaa**

Afoolli dhaloota irraa dhalootatti yommuu darbuu ni jijjirama. Itti dabalamuu yookiin irraa hirr’achuu ni danda’a. Akkasumaas baduu ni danda’a. Geetaachoo (2008:176). Gama biroon immoo Afoolaafi hawaasa adda baasanii ilaaluun waan hin danada’amneef. Kana jechuun hawaasni dingdeen, siyasaan, amantaatiin, teeknoolojiin geedaramu.Afoollis duukaa geedarama. Jaarraa fi Wasanee (2000:167).Jijjiramuummaan amala afoolaati. Kunis walii galtee hawasaan yookiin dhiibbaan mul’achuu ni danada’a. Akka

JaarraafiWasanee(2008:162) ibsanitti “afoolli jijjiramummaaf baay’ee saaxilamaadha. Bu’uurri isaa hawaasni jijjiramuu waan danda’uufi afoolli fi hawaasni addaan bahanii hin ilaalaman” jedhu.Birhanu(1999:12) akka ibseetti “ The characteristics of oral literature is carried by memory and delivered by word of mouth. The performance may introduce variation in wording. Structure or content” jedha. Yaada kana akka hubanutti amaloota afoolaa haala yaadannoo waantoota darbaniin haawwatamee bifa jecha afaanitiin dhiyyaata. Haalli raawwii isaas garaagarummaa sagaleessuu, caasaa ykn qabiyyee isaatiin ibsama jedha. Jijjiraamni afoolaa jijjirama fedhii hawaasaa yeroo yerootti taasifamu wajjiin walsimaachuuf uumama. Hawaasni immoo yeroo mara gama seenaa, aadaa, falasama, jireenya, teknoolojii, dinagdee, amantiifi kanaafi kanneen kana fakkaataniif jijjirama. Sababoonni kunniinis jijjirama afoolaaf kanneen bu’uuraati. (Misgaanuu 2011).Jijjiramichiis gama qabiyyee, jecha, gaalee, hima, tartiibaafi qooddattotaatiin mul’achuu danada’u.

**D. Uummatummaa**

Asaffaan (1998:2) amala afoolaa yoo ibsu, “ Hawaasni Oromoo gamtaan waliin bulu, waliin oomishu, waliin godaanuu, waliin adamsu, waliin bobbaasu. kanaafuu afoolli qabeenya waliinitii malee qabeenya dhuunfaa miti. Kan mirga abbeentaa isaa falmatu hin jiru” jedha. Mitikkuu (1999:158) yaada kana yoo ibsuu “ Afoolli qabeenya uummataati malee akka kitaabaa abbaa barreesse hin waamu” jedha.Sokoloy(1971:10) akka ibseetti amalli afaanii kun abbummaan isaa uummatadha jedha. Bu’uuruma kanaan afoolli uummata Oromoos qabeenyumaan isaa kan saba Oromoo maraa waan ta’eef miseensoonni hawasichaa hunduu abbummaa keessaa qabu. Kana malees uummatummaa afoolaa ilaalchisee Zarihun(1992:21) akka barreessetti hawaasni kamiyyuu aadaa, duudhaa, gadaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, fedhiifi abdii isaa kan ittiin ibsatu afoola mataa isaa qaba. Uumamniifi raawwiin afoolaa irra caalaan gareedhaan waan ta’eef nama dhuunfaarra gareerratti xiyyeefata.

**E. Lufummaa**

Lufummaan amalaafaanii keessaa isa tokkodha. Kunis afoolli tokko haala kamiin dhalootaa dhalootatti darbaa akka deemu irratti xiyyeeffata. Yaada kana ilaalchisee Jaarraafi Wasaneen (2008:106) lufummaa yoo ibsan " Afoolli dhaloota irraa dhalootaatti darbuu lufummaadha" jedhu. Kunis karaa lamaan dhalootatti darbu. Isaaniis haasaa afaaniifi gochaan dhalootarraa dhalootatti kan dabarsan miseensoota hawaasaati. Afoolli bara kalaqamee kaasee utuu daddarbuu har'a ga'eera. Yaada armaan olii irraa kan hubanuu afoolli uummataan uumamee, uummata yeroo sanaa qofa tajaajilee kan hin dhaabbanneef, gara dhaloota itti aanuutti kan darbuu ta'uu isaati.

## 2.5. Maalummaa Af-walaloo

Afwalaloon Oromoo akkuma afoola Oromoo kunneen biroo dhalootarraa dhalootatti kan darbu dubbii afaaniin yeroo daddarbus kan yeedalloo qabu yeedaloo isaa waliin, kan hinqabnes akkuma jiruttidha. Keessattuu kan Afoola Oromoo adda godhu afwalaloon isaa kan yeedaloo faana darbuu danda'an kan akka weedduu jaalalaa, cidhaa, sirba ateeteefi kkf yoo ta'u kan yeedaloon isaa ifatti bahee hinmullanne immoo kanneen akka oduu durii, hibboofi mammaaksa fa'i (Misgaanuu, 2011: 62). Afwalaloon yeroo irraa bilisa ta'e immoo dhimma yeroo wajjin kan walqabate osoo hin ta'in yeroo kamiyyuu faarfatamuufi weeddifamu kan danda'uu, kana jalatti afwalaloon hedduu beekaman weedduuwwan garaagaraatiini. Kunis, akka inni baraan hin daangeffamneef daangaa darbee kan deemu ta'uu isaa nu hubachiisa (Finnegan, 1976). Fedhasaan (2013:49) akka ibsetti "walaloo afoola (afwalaloo) Oromoo bakka gurguddoo torbatti qoodamuu dandaa"a.Isaanis, geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba/abaarsa, guungummiifi tabaallidha.Hawaasa keessatti maqaalee kanaan beekamanis daangaan hubanno saanii ka'amee hin jiru"."Gosoota ogafaan Oromoo keessaa kan afwalalummaa ofkeessa qaban: geerarsa, weedduu jaalalaa, weedduu seenaa, weedduu siyaasaa, weedduu asmaarii, weedduu cidhaa, weedduu ateeteefi weedduu daboo"(Misgaanuu, 2011, f. 59). Yaada armaan oliirraa akka hubannutti weedduun qaama afwalaloo keessaa isa tokkodha. Qorannoon kun garuu goorowwan afoolaa keessaa afwaloon kan dhiyaatu weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa irratti adeemsifame jira.

## 2.6. Weedduu

Gemechu (2003: 8-9) yoo ibsu weedduun wantoota aadaa uummata tokkoo calaqqisiisan keessaa isa tokkodha. Innis, kan safara gabaabaa of keessatti hammatu ta'ee sirba garaa garaa sirbuuf gargaarudha Oring, (1986). Weedduu walaloo gabaabaa ykn tuuta jechoota weeddifamanii ijaarsa barreeffama ifaafi gabaabaa ta‟een toora tooraan hiramuu, yeedaloo kan of keessatti qabu Richard, (1992). Kana malees, idileetti yoo ilaalle weedduun yaada adda addaa ibsuuf qooda hedduuttiifi cabsata sagaleetiin kan dhiyaatu ta'ee jaalala, komee, arrabsoo, mararoofi kkf kan ibsudha… Uummata seenaan isaa barreeffaman carraa hinargatiin tureef kan akka uummata Oromoof bu'aa weedduun buusu akka salphaatti hinilaalamu. Seenaa jechoota adda addaafi safuu keessatti dhimma itti baanu ofkeessatti qabatee dhalootaa dhalootatti dabarsa. Guddina afaaniif hedduu gumaacha (Wasanee, 1984:25).

### 2.6.1. GosootaWeedduu cidhaa

Gosoonni weedduu heddutu jiru. Oring, (1986) akka ibsutti weedduun ammayyaas ta'e kan aadaa qabiyyeefi ergaa isaanii irratti hundaa'uun weedduu jaalalaa, weedduu cidhaa, weedduu loonii, weedduu amantiifi weedduu hojii fa'i. Qorannoon kunis, weedduu yeroo cidhaa dhiyaatu keessaaergaa weedduu arrabsoo fudhaafi heerumaa irrati xiyyeeffata.

#### 2.6.1.1. Weedduu Mararoo

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa yoo ta'eeyyuu weedduu mararoo fuudhaafi heeruumaa yoomessaa tokko keessatti waan hojirra oolaniif amma tokko kaasuun barbaachisadha. Sirbi mararoo sirboota cidhaa mana warra intalaatti sirbaman keessaa isa tokkodha. Kan sirbamuus yeroo jalbuultii, guyyaa cidhaa yeroo hamaamonni gurbaa intala fudhatee ba'uuf qoqophaa'anidha. Geggeessaa intala qofaafis kan sirbamu nijira. Kan sirbanis dubartoota ollaafi hiriyyoottan intala heerumtuuti. Walaloo sirba mararootiin seenaafi quuqqaa garaa tuttuquudhaan dubartootaafi shamarraan yoo kaasanii sirban intalliifi haati intalaa imimmaansaanii dhangalaasaafi facaasaa dhaggeeffatu. Qabiyyeen walaloo sirbichas fira warra intalaa jajjabeessuuf waa'ee jireenya gaa'ela intala heerumtuu gorsuurratti kan xiyyeeffateedha (Shaawaayyeefi Fireehiwoot, 1999: 456).Yaada kana deeggeruun mararoon weedduu sirna gaa‟ela naqaatan geggeeffamu irratti shamarreen heerumtu hiriyoota ishee waliin ta'anii weeddifamudha. Weedduun mararoo guyyaa intalli heerumtu irraa torbee lama dursee kan eegalu yeroo ta‟u hanga gaafa cidha gaa'ela sanaattii

galgala galgala yeroo hundaa walitti fufiinsaan mana warra intalaatti weeddifma (misgaanuu, 2010: 34).

### 2.6.1.2. Weedduu Arrabsoo Goota Qeeqan

Weedduun gootaa gosa weedduu aadaa keessaa tokko ta'ee kan goota (gootummaa) jajjabeessuuf gargaaruudha. Kanuma ilaalchisuun Gemechuun (2003:10) akka ibsettikaayyoon weedduu gootaa warra lola deemuuf qophaa'an onnachiisuuf yoo ta'u warri hafan immoo akka lugna hintaane barsiisudha.

### 2.6.1.3. Weedduu Jaalalaa

Weedduun jalalaa Misgaanuun (2011: 74) Tasamaa (2004) wabeeffachuun akka ibsutti weedduun aalalaa Oromoo yeroo baay'ee dhimma hojii walgargaarsaa, daboo, jigii, kan akka haamaafi dugda walfudhachuu, yeroo cira ciran, lafa qotan, yeroo fuudhaafi heerumaa, yeroo karaa deeman, yeroo horii tiksan, ergaa miira isaanii keessa jiru obsa itti argachuufi aara itti galfachuuf meeshaa dhimma itti ba‟anudha.

### 2.6.1.4. Komee/Jibba

Intalli waan warri isheen jedhan tole jedhuurraan kan hafe yeroo heerumaa murteessuus ta'e kan jaallatte filattee kan jibbite mormuuf haalli ulfaataadha. Namni ishee fuudhuuf itti ergate eenyu akka ta'e beekuu dhiisuu dandeessi, yoo beektes nama isheen hin barbaanne yoo ta'eyyuu mirgi isheen qabdu hammas miti. (Nagarii, 1995: 12).

### 2.6.1.5. Yaaddoo

Nagarii (1995:24) Claude summer (1997) wabeeffachuun yaaddoon maatiirraa adda ba'uu qofaa miti. Qarree dhabuu fi dhiibbaan gara dhirsaatiin ga'uuf jirus kan yaaddessan keessaa kan biroodha. kana hunda walaloo tarreessitu kanarraa hubachuun ni danda'ama.

### 2.6.1.6. Weedduu Arrabsoo Gurbaafi Durbaa

Arrabsoon weedduu yeroo cidhaa weeddifamu ta'ee, kan gurbaan fuudhu gootummaaf, intala heerumtu immoo durbummaaf faarsu. Aadaa hawaasa keessattii dhiirri bineensa ajjeesse gootummaa akka mirkaneeffatu shamarreen tokko immoo durbummaa ishee eeggattee akka

weeddifamu barbaadama (Misgaanuu, 2011: 55). Guyyaan cidhaa torban lamatti yoo galu, intalli kennamtu sun hiriyoota durbaa waliin taatee weedduu eegalti. Weedduun kun hanga guyyaa cidhaatti galgala galgala ittuma fufa. Haaluma walfakkaatuun gama gurbaa fuudhuutiinis karaa obboleeyyota ykn hiriyoota isaan durbaa weedduun kun nigaggeeffama. Weedduu kanas weedduu walumaa galatti weedduu cidhaa yoo ittiin jedhamu innis arrabsoonkan dhiyaatudha (Nagarii, 1995, f. 4). Haaluma kanaan raawwii weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa Aanaa Amboo keessaa yommuu ilaalamu duraan hawaasa keessa kan ture ta‟ee, yeroo amma garuu xiqqachaa jira.

**2.6.1.7 Maalummaa Weedduu ArrabsooSirna Fuudhaafi Heerumaa**

Weedduun arrabsoo kan durbi heerumtu addooyyee ishee waliin taatee gurbaa ishee fuudhuufi fira isaa ittiin arrabsitudha jedha (Dafaa, 1974:18). Weedduun arrabsoo akkuma ogafaan kan itti fayyadamtoonni ogafaanichaa ittiin walqeeqan, walbarsiisan, walgorsan, doofaa kan ittiin haxxoomsan jibbamaan kan ittiinqeeqamuufi shaakalli amala gadhee hawaasa keessatti mul’atu ittiin to’achuuf gargaara. Yaada kana ilaalchisuun Bukenya (1998:86) yoo ibsu “Each genere of oral literature has a part to play in the education of aparticular society. While expressing feelings of people and playing other role the song satirises unacceptable behavior and warns members against misdemeanor” jedha.

Weedduumararoo kan intalli heerumtu haala gaddaafi abdii kutannaatiin sagaalee laafaatti fayyadamuun soddaa ykn kaadhimaa ishee arrabsuun dhaamsa dhaammattudha. Xiyyeeffannoon weedduu arrabsoo saaniis tokko soddaa arrabsuudha. Bifa, hojjaa, gootummaa, qabeenya, sanyiifi kkf ilaachisuun walaloo cabsaa ykn tuffii ibsu tarreessanii weeddisu jechuudha. Qabiyyeefi qeeyyaan /atmosphere/ arrabsoofi mararoon garuu adda adda. Weedduu cidhaa keessatti shamarran yommuu soddaa arrabsan hamilee cimaadhaan jechoota isa aarsu gargaaramanii sagalee dheekkamsaatiin weeddisu (Nagarii, 1995:10). Nagariin (1995: 6) akka jedhutti arrabsoon durbaa meeshaa muuziqaa kan akka dibbee wajjin qindaa’ee dhiyaata. Walaloon isaas yeroo dhiyaatu humna ittiin garaa namaa raasu qaba. Haalli dalagaasaas ta’e ergaan isa keessa jiru miira namaa kan kakaasu ykn onnee namaa tutuqee garaa namaa raasee yaada gaddaafi hoo’ina kan namatti fidudha. Yaada kana irraa akka hubanuutti weedduun arrabsoo fuudhaafi heerumaa haala jireenya maatii intalaafi maatiin gurbaa akkasumas firootan isaanii ittin ceepha’amanidha.

## 2.7. Faayidaa Weedduu Arrabsoo Sirna Fuudhaafi Heerumaa

Arrabsoon shamarranii jechoota safuu waan ofkeessaa qabuuf akka waan safuun cabeettii ilaalamuu danda'a. Haa ta'u malee, akka ilaalcha Oromootti safuun kan cabu yoo wanti aadaa irraa maqe dalagamedha. Arrabsoon shamarranii immoo namoota waan yaraa dalagan deebisuuf faayidaa guddaa qaba. Arrabsoon shamarranii ergaa amala badaa to'achuu ofkeessaa qaba. Arrabsoon akka maqaan isaa agarsiisu osoo hintaane beekumsa, gorsaafi safuu hawaasicha biratti fudhatama qabantu keessa jira. Kana jechuun waan sirrii ykn dogoggora ta'e addaan baasee kan mul'isu kuusaa ilaalcha hawaasaa ta'ee tajaajila. (Misgaanuu, 2011:56). Yeroo misirrittiin dhuuftee mana misirrichaa seenuuf kaate dura ishee darbanii karra mana misirrichaa irra dhaabatanii akkas jedhanii arrabsu "Duwwaan dhufte duwwaa ishee" jechuun arrabsu. Yeroo sanatti misirroo shamarreen yeroo akkanatti arrabsan yaadaan gara seera durbummaa qabaachuu ishee ofxiinxalti, keessa isheeti yoo guutuu taate waanti ishee yaaddessu hinjiru. Garuu, durbummaa ishee nama biraa waliin yoo balleessite akka aadaa naannoo tokko tokkootti baay'ee kan nama qaanessuufi warra mucaas laphee isaanii kanuma badaa itti hingammadani. Kan malees, akka aadaa Oromootti weedduun gaa'elaa safuu guddaafikabaja kan qabuudha (Birhaanuu, 2003:47-48). Kanamalees, Haayiluu (1997:12) yoo ibsu "faayidan arrabsoo durbaa jaarsolii ishee kadhachuu deeman arrabsuu, akkasumas intalli heerumtu quuqqaa garaa ishee kan ittiin baafattu"jedha. Dargagoonni Oromoo akka isaan gaa'ela isaanii dura xuraa'ummaa hinhojjenne aadaatu dura dhaabbatee dhorka (Misgaanuu, 2011:75). Walumaagalatti weedduun arrabsoo weedduu yroo gaa'eela weeddifamu keessaa tokko ta'ee safuu hawaasaa eeguufi gocha dogoggoraa sirreessuuf tajaajila.

## 2.8. Faayidaa Afoolaa

Afoolli afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan darbu ta'ee hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti dhimma garaagaraatif oolcha. Afoolli muudannoowwan yeroo garaagaraa hawaasa mudaatan irraa madda. Hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti muudannoowwan isa qunnamaniifi muuxannoo jireenya isaa keessatti argate afoolaan akka dabarfatu ni hubaachisa. Kana ilaalchisee Addunyaan (2014:166) yoo ibsu, " Afoolli daawwitii jireenya ilma namaa waan ta'eef, kaleessa mul'atee, har'as jiraatee, har'as ciniinnatee boriifis ni suuqata. Isatu jireenya, jireenyatu isa" jedha. Yaada kanarraa wanti hubannu, Afoolli jiruufi jireenya ilma namaa keessatti kan yeroo darbee keessatti mul'atee badu osoo hin

ta'iin har'as kan jiraatudha. Akkasumas uummanni waan jiruufi jireenya isaa keessatti dabarse dhaloota boriitiif afaaniin kan dabarfatuudha.

Gamabiraatiin Hinseeneen (2010:86) yommuu faayidaa afoolaa ibsu, " Afoolli ijoolleef barbaachisaafi beekumsa afaaniitiif bu'aa guddaa qaba. Innis naannoo barsiisa, dandeetti waa qabachuu guddisu, seeraafi miidhagina afaanii barsiisa" jedha. Yaada kana irraa kan hubannu, afoolli sammuu ijoollee kan qaru ta'uu isaa, naannoo isaanii kan barsiisu akkasumas bal'isanii akka yaadaniif, beekumsa afaanii akka gabbifataniif ga'ee guddaa taphata. Afoolli faayidaa garaagaraa akka qabu hayyoota hedduun ibsamee jira. Fakkeenyaaf muraasa isaanii : Misgaanuu (2011:37) waa'ee miliquu ilaalchisee yemmuu dubbatu, " Haala rakkisaa humna namaatiin ol ta'e yoo nama mudatu og –afaan meeshaa ittiin miliqaniidha. Kunis og-afaan addunyaa ta'ee akka ittiin ce'aniif gargaara" jedha.

## 2.9. Maalummaa Weedduu Durbaa

Weedduun durbaa dameewwan afoolaa keessaa tokko ta'ee kan afaanii fi barreeffamaan dhalootaa dhalootatti darbudha. Weedduun kun uummata Oromoo biraatti baay'ee kan beekamuu fi kan jaallatamudha. Weedduun durbaa hawaasa Oromoo biraatti yeroo cidhaa, intalli heerumtu tokko jiruu fi jireenya ishee kanaan duraa keessatti waanta ishee qunnamee fi gara fuula duraatti jireenya jirattu keessatti yaada sammuu isheetti dhufu kan ittiin baaftee ibsattudha. Akka Nagariin(1995:6) ibsetti arrabsoon weedduu durbaa meeshaa muuziqaa kan akka dibbee wajjin qindaa'ee dhiyaata. Walaloon isaas yeroo dhiyaatu humna ittiin garaa raasu qaba. Innis durbi heerumuuf torbaan lamatti yoo galu hiriyoota ishee waliin ta'uudhaan weedduu eegalti. Kaayyoon weedduu kanaas tokko soddaa arrabsuudha. Arrabsoo fi weedduun adda addaa weedduu cidhaa keessatti shamarran yeroo soddaa arrabsan haamileen jechoota isa aarsu gargaaramanii sagalee dheekkamsaatiin weeddisu.

Akka Qees Dafaan (1994:18) ibsetti weedduun durbaa kan durbi heerumtu ilaalcha isheen hiriyoota ishee waliin qabdu kan waliin taatee gurbaa ishee fuudhuu fi fira isaa arrabsitudha. Walumaagalatti, aadaa Oromoo keessatti yeroo durbi tokko heerumtu ilaalcha hiriyoota isheef qabdu weedduun fedhii ofii ibsachuuf, komii maatii irraa qabdu

ibsachuuf, sammuu ishee keessatti jechoota filattee walitti hidhuun mararroo bifa weedduun ibsatti.Gammachuu (2003:8-9) yoo ibsu weedduun wantoota aadaa Uummata tokkoo calaqisiisan keessaa isa tokkodha. Weedduun walaloo gabaabaa yookiin tuuta jechoota weeddifamanii ijaarsa barreeffama ifaa fi gabaabaa ta'een toora tooraan hiramu, yeedaloo kan of keessaa qabudha.

Kana malees weedduun durbaa yaada adda addaa ibsuuf qooda hedduu fi cabsata sagaleetiin kan dhiyaatu ta'ee jaalala, komee, arrabsoo, mararoo fi k.k.f kan ibsudha….Uummata seenaa isaa barreeffaman kaa'uuf carraa hin argatiin ture kan akka uummata Oromoof bu'aan weedduun durbaa buusu akka salphaatti hin ilaalamu. Seenaa jechoota adda addaa fi safuu keessatti dhimma itti baanu of keessatti qabatee dhalootaa dhalootatti dabarsa. Guddina afaaniif hedduu gumaacha. ( Wasanee,1984:25).Weedduun arrabsoo akkuma og-afaanii kan itti fayyadamtoonni afaanichaa ittiin qeeqan,walbarsiisan,wal gorsan, doofa ittin haaxofsan,jiibbamaan kan ittiin qeeqamuu fi shaakalli amala gadhee hawaasa kessatti mul'atu ittin to'achuuf gargaaranidha. Yaada kana ilchiisuudhaan Bukenya (1998:86)yoo ibsuu "*Each genere of oral liter a ture has a part to play in the education of a particular society. While expressing feelings of people and playing other role the song satirized unacceptable behalliar and warns members against misdemeanor*".Weedduun mararoo kan intalli heerumtu haala gaddaafi abdii kutannaatiin sagalee laafaatti fayyadamuun soddaa yookaan kaadhimaa ishee arrabsuun dhaamsa dhaammattudha.

Xiyyeeffannaan weedduu arrabsoo sanaas tokko soddaa arrabsuudha. Kunis bifa, hojjaa, gootummaa, qabeenya, sanyiifi kan kana fakkaatudha. Gama biraan walaloon cabsaa yookaan tuffii ibsu tarreessanii weeddisu jechuudha.Qabiyyeefi qeeyyan (atmosphere) arrabsoofi mararroon garuu adda adda. Weedduu cidhaa keessatti shamarran yommuu soddaa arrabsan haamilee cimaadhaan jechoota isa aarsu gargaaramanii sagalee dheekkamsaatiin weeddisu. (BATO 1999:10)

## 2.10. Faayidaa Weedduu Durbaa

Uummanni Oromoo aadaa isaa keessatti damee afoolaa keessaa weedduutti fayyadamuun cidha isaa gaggeeffata. Ilaalcha, jaalala, yaaddoo fi seenaa walii isaaniif qaban ittiin dabarfatu, ni barsiisuu; ni gorsu; ni qeequs. Kana jechuun, yaanni afoola sana keessatti

calaqqisu ijoollee, dargaggoota fi namoota gurguddowwaan barsiisuu yookiin hubachisuu danda'u of keessaa qaba. Akkasumas, amala, gocha, ilaalcha yookiin shaakala hawaasichaa gidduutti mul'atan garuu kan uummatichi jibbu tokko tokko qeequudhaan akka sirratu akkeekkachiisa. Gama kanaan gaheen weedduun durbaa qabu xiqqaa miti. Yaada kana ilaalchisuun Nagariin(1995) yaada Bukeenya(1994) irratti eeruun yeroo barreesssu "Afoolli duudhaa fi safuu hawaasaa ni barsiisa ."jedha.

Weedduun dameewwaan afoolaa keessaa tokko kan ta'e fi ergaan isa keessa darbu nama hubateef daawwitii eenyummaa ofii kan namatti calaqqisiisu ta'uu isaa nu hubaachisa. Arrabsoon shamarranii jechoota safuu waan of keessaa qabuuf akka waan safuun cabeetti ilaalamuu danda'a.Haata'u malee akka ilaalcha Oromootti safuun kan cabu yoo wanti aadaa irraa maqe dalagamedha. Arrabsoon shamarranii immoo namoota waan yaraa dalagan deebisuuf faayidaa guddaa qaba. Arrabsoon shamarranii ergaa amala badaa to'achuu of keessaa qaba. Arrabsoon akka maqaan isaa agarsiisu osoo hin taane beekumsa, gorsaa fi safuu hawaasicha biratti fudhatama qabantu keessa jira. Kana jechuun waan sirrii yookiin dogoggora ta,e addaan baasee kan mul'isu kuusaa ilaalcha hawaasaa ta'ee tajaajila. ( Misgaanuu, 2011:56).Kana malees, Haayiluu (1997:12) yoo ibsu, faayidaan weedduu arrabsoo durbaa, intalli heerumtu quuqqaa garaa ishee kan ittiin baafattudha jedha. Akkasumas dargaggoonni Oromoo akka isaan gaa'ela isaanii dura xuraa'ummaa hin hojjenne aadaatu dura dhaabbatee dhorka. ( Misgaanuu 2011:75) Walumaagalatti weedduun arrabsoo gaa'elaa weeddifamu keessaa tokko ta'ee safuu hawaasaa eeguufi gochaa dogoggoraa sirreessuuf tajaajila

## 2.11. Yaaxinaalee Fookiloorii

Qorattoonni fookiloorii (Folklorists) Firiiwwan fookiloorii adda addaa irratti yoggaa qorannoo gaggeessan adeemsa qorannoo isaanii fulleeffachuuf, akkasumas ragaa (perspective) ittin qoratan kallattii isaa kaawwachuuf yaaxinaalee adda addaatti akka fayyadaman qorannoon niaddeessu. Isaan keessaa muraasa isaanii haala armaan gaditti ilaaluun ni danda‶ama.

### 2.11.1 Yaaxina Faayidaa

Hayyoonni fookloorii firiiwwan fookiloorii xinxaluuf yaaxinni itti fayyadaman keessa inni tokko, yaaxina faayidaa (Functionalism) akka ta'e Simsfi Stephens (2005:174) addeessaniiru. Yaaxina kanatti addadurummaan kan fayyadame William Bascom akka ta'eefi faayidaan gurguddoo fookilooriis barsiisuu (toeducate), dhiibbaa aadaan namarratti taasisuu jalaa miliquuf (to escape from impositions of culture), aadaa kunuunsuufi beekamtii kennuuf akka tajaajilu hayyoonni armaan olitti xuqaman ibsaniiru. Kanaaf, qorattoonni tokko tokko akaakuuwwan fookiloorii adda addaa xinxaluuf yaaxina kana akka bu'ureeffatan nihubanna. Haata'u malee, yaaxinni kun faayidaa fookloorii agarsiisuuf akkuma cimina qabu hanqina qabaachuu isaas Simsfi Stephens (2005:176-177) akkaataa armaan gadiitiin addeessaniiru.

Functionalism implies that groups stay the same across time and societies are unchaning. Working with this methodology, the functional approach Is always conservative and static; the functions themselves are conservative. Functional analysis, then, is ahistorical, suggesting that the text was used or The performance occurred for the same reason regardless of context. Another problem with functionalism is that it reinforces the elitist notion thatthe educated, trained folklorist understands the meaning of a group better than better than the folk group.

Akkuma waraabbii armaan olitti xuqame keessatti ibsame yaaxinni Functionalism jedhamee beekamu gareen hawaasaa firiiwwan fookilooriitti fayyadamu yeroo irraa yerootti, iddoo irraa iddootti akka waan hinjijjiramneetti ibsa. Gama biraatiin immoo fookilooriin haalawa (conxext) irratti hundaa'ee akka dalagamu dagata. Kana malees, qorattoonni fookiloorii hiikkoo akaakuu fookiloorii gareewwan hawaasaa itti fayyadamu caala kan beeku godheeti fudhata. Kanaaf, haalawaaf iddoo olaanaa hinkennu jechuudha.

### 2.11.2 Yaaxina Caasimaa

Qorattoonni fookiloorii, xinmaddaa (Anthropology), Xinqooqaa (Linguistics)fi kanneen biroo yaaxina Caasima (Structuralism) jedhutti akka fayyadaman barreeffamni qorannoo nihubachiisa. Yaaxinni kun wantoonni adda addaa walitti dhufeenya uumanii tokkumaa wanta tokko akka ijaaran xinxaluuf qorattoonni itti fayyadamu. Kana ilaachisee Simsfi Stephens (2005:179) akka jedhu. "Structuralist analysis should reveal a basic underlining pattern which accounts for all the parts of the whole and how they relate to each other in forming the whole."

Akkuma waraabbii kana irraa hubannu akkaataa kamiin walitti dhufeenya akka uumani ittin qorachuuf nigargaara. Fooklooristoonni fakkeenyaaf caasima raagoo tokkoo yoggaa qoratan walitti dhufeenya fakkaattootaa (the friendship of characters), waliin godaanuu isaanii, adeemsa keessa walitti maluu isaanii, maltee fakkaatii tokko kan biro hubachuu isaa, dhuma irratti walitti bu'anii addaan akka ba'an „Allan Dundes‟ qorannoo isaa keessatti addeesseeraOkpewh.(1992:). Gama birootiin, Qorattoonni xinmaddaas (Anthropologists) walittidhiinsa maatii tokko gidduu jiru yookiin walitti dhufeenya gosaafi gosa gidduu jiru yaaxina caasimaatti fayyadamanii akka qoratan nihubanna. Qorattoonni xinqooqaa caasluga afaan tokkoo keessatti dhamsaga, dhamjechaafi hima gidduutti tookkummaafi garaagarummaa kan uuman adda baasanii akka ittiin qoratan hubachuun barbaachisaadha.

### 2.11.3 Yaaxina Haalawaa Fookiloorii

Akaakuuwwan Fookloorii qorachuuf hayyoonni yaaxina haalawa fookloorii akka fayyadaman barreeffamoonni qorannoo ni ibsu. Yaaxinni kunis yoomeessaafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin fookilooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanuma wajjin walsimatee weedduu Durbaa sirna fuudhaafi heerumaa keessatti ga'een hirmaatotaa maal akka ta'e bifiyyeefi qabiyyeen firiiwwan fookiloorii (genres of folklore) akkaata itti dalagaman, fakkoommiiwwan garagaraa hiika isaan qaban, yeroofi iddoon weedduun itti weeddifamu qorannoon itti gaggeeffamu keessatti hiikkoon isaan qaban yaaxina haalawa fookiloorii bu'uureeffachuun xinxaluun nidanda'ama. Kana ilaachisee Simsfi Stephens (2005:136) akkas jedhu. (The physical settings and social situations in which members of folk groups share folklore, as well as the relationships among audience members and performers, make up the context of performance."Haalawa adda addaa keessatti walitti dhufeeni hirmaattootaafi dhiyeessoota firiiwwan fooklooriin dalagamaniif hanniisaa cimaa akka ta'an yaanni waraabbii armaan olitti xuqame nihubachiisa. Qorannoon kootiifis yaaxinni addadurummaan filadhee yaaxana haalawa fooklooriiti. Yaaxina kana bu'ureeffadhee adeemsa weedduun Durbaa sirna fuudhaafi heerumaa keessatti firiiwwan fookloorii roga adda addaatiin tajaajilan xinxaleera.

## 2.12. Haala Hawaasummaa Weedduu Durbaa

Akka Haayiluun (1997) ibsetti, gaafa heeruma intalaaf guyyaan kudhan hafu jala bultiin Sirbamuu eegala. Durboonii walitti yaa'anii gurbicha, obboleettii isaa, aantee isaa , arrabsu. Akka Abarraan(1999) ibsetti, "Sirbi arrabsoo haala ho'aatiin cimee hamaamotni gurbaa kan firootan , hiriyoota , hamaamota gurbaa fuudhu arrabsu".jedha. Haala olii irraa kan hubatamu, hawaasummaa keessatti weedduun durbaa bifa ho'aa fi bareedina qabuun hanga gurbaan intala fuudhatee galuutti gama lachaniin dubaroonni walitti yaa'anii sirbu.

## 2.13. Walaloo Weedduu Durbaa

Akka Nagariin( 1995) jedhutti walaloo weedduu yeroo dhiyaatu humna ittiin garaa namaa raasu qaba. Haala dalagasaas ta'e ergaan isa keessaan darbu miira namaa kan kakaasudha. Kan biros, durbi Oromoo kan isaan mararoo bifa weedduun dhaamaniif maatii irraa adda bahuu jibbuu qofaa miti. Qarree dhabuu fi miidhaa gama dhirsaatiin irra ga'uuf jedhuus kan yaaddessan ta'uu isaati.

## 2.14. Yoomessa Weedduu Durbaa

Akka Mitikkuun (1991) ibsetti, gosti afoolaa tokko hojii irra ooluuf yeroo murtaawaa barbaada. Bakka hundattis haala tokkoon hin weeddifamu. Hayyuu kanatti dabalee immoo, Huseen (2000) yeroo ibsu, guyyaan cidhaa torbaan lamatti yoo galu intalli kennamtu sun hiriyoota durbaa waliin taatee weedduu eegalti. Weedduun kun hanga guyyaa cidhaatti itti fufa. Kanaafuu, weedduun kun yoomessi isaa jala bultii kaasee hanga guyyaa cidhaa gurbaan intala fudhatee galuutti jechuudha.

Akka Birhaanuu (2003:47-48) ibsetti yeroo misirrittiin dhuftee mana misirrichaa seenuuf kaatu dura ishee darbanii karra mana misirrichaa irra dhaabbatanii " Duwwaan dhufte duwwaa ishee" jechuun arrabsu. Kunis dhimma durbummaa qabaachuufi dhabuu ishee waan ta'eef misirrittiin yoo ofitti kan amantu taate waan ishee yaaddessu hin jiru; Garuu yoo durbummaa ishee nama biraa waliin balleesiteetti ta'e akka aadaa naannoo tokko

tokkootti baay'ee kan nama qaanessuufi warra mucaas kan hin gammachiisnedha.Kana malees, akka aadaa Oromootti weedduun gaa'elaa safuu guddaafi kabaja kan qabudha.

### 2.15. Hurrubummaa Weedduu Durbaa

Akka Wasanee (2008) ibsetti hurrubummaan amaloota afoolaa keessaa isa bu'uuraati. Hurrubummaa jechuun haala walduraa duubaan dhiyeenya afoolaa gochaan mul,atudha. Weedduun durbaa kan meeshaa muuziqaa aadaatiin qindaa'ee dhiyaatu yoo ta'u, weedduun kun haala sochii qaamaa kan of keessaa qabudha. Keessumaa yeroo mararoo dhaaman haala gaddaa fi abdii kutannaa keessa galanii sagalee laafaadhaan weeddisaa hirqifatanii kan boo'aniidha. Akka yaada kanaatti afoolli yaada qofaa osoo hin taane gocha muldhatu, kan nama harkisuufi qabatama dhugaan kan nama hawwatu ta'uu isaati.

### 2.16. Hirmaattota Weedduu Durbaa

Akka Nagariin (1995) ibsetti, "Weedduu sirna gaa'elaan gaggeeffamu irratti shamarran weeddisan keessaa tokko intala ishee heerumtu fi hiriyoota isheetiin dhiyaata." Akka yaada armaan olii irraa hubannutti arrabsoo fi mararoo weedduu aadaa fuudhaafi heerumaan gaggeefamu irratti kan dhiyaatu ta'ee innis ijoollee durbaa fi dubartootaan kan dhiyaatu, dargaggootaafi abbootiis kan hirmaachisu waan ta'eef hirmaattoonni weedduu durbaa kun walumaagala hawaasa bal'aa kan hammaatuu ta'uu isaati.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaan kun saxaxa, mala akkamtaa, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, miti carraa keessaa akkayyoofi darban dabarsaan, tooftaa funaansa odeeffannoo, afgaaffii, marii garee, daawwannaafi mala qacceessa ragaa kan ibsuudha.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuu keessatti kallattiin raawwii qorannichaa maal akka ta'e ibsamuu qabu. Dhimmoonni qorannicha keessatti akka bu'uuraatti qabamuu maal irratti akka xiyyeeffatamuu qaban addaan baasuun beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaara. Saxaxni akkamtaa hojiirra ooleera.Akkasumas, ragaan namotarraa argame jechaan ibsi itti kenname jira. Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Victor (2009: 203) akkas jechuun ibsa, "The research design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going". Adeemsi Saxaxa qorannoo karoora hojii kan qoraatan beekuu qabu, eessa akka inni ka'e, eessarra akka jiruufi eessa akka inni ga'u kan murteessudha. Yaada kana Addunyaan (2011:64) kan armaan olitti dabalee "qorannoon tokko kan murteessu, gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuwwan odeeffannoo argannuti," jechuun kaa'ee jira. Hayyoonni armaan olii akkuma ibsanitti, saxaxni mala qorattuun, qorannicha ittiin gaggeesite akkaataa filannoo iddattootaa tooftaalee odeeffannoon ittiin guuramufi maal maal akka ta'een qaaccessame. Tooftaaleen odeeffannoo funaansaaf itti fayyadames afgaaffiifi marii garee ta'u. Ragaaleen funaanaman kunis,qabiyyeetti qoqqoodamuudhaan mala akkamtaatti fayyadamuun odeeffannoon qaacceffameera.

## 3.2. Mala Akkamtaa

Malli qaaccessa qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan maaliif? Akkamitti? Jedhuuf deebii laachuuf kan carraaquufi dhimmoota qorannichaa keessatti dhiyaatan mara jechaan kan ibsudha. Amalli namoonni yookiin waantotni yoomessa tokko keessatti agarsiisaniifi qaban maal akka fakkaatuqorachuuf dhimmamaa ta'uu isaa ibseera(Addunya,2011: 10-13). Egaa kanuma irraaka'uudhaan sababni qorattuun qorannoo kanaa qorannoo akkamtaa filatteefis dhimma qorannoo ishee kallattiidhaan hawaasa keessa seenuun odeeffannoo barbaachisaa ta'eefi qabatamaa ta'e funaannaachuufi.

### 3.3. Madda Odeeffannoo

Qorannoo geggeessuu keessatti maddi odeeffannoo karaa lama argama. Isaanis, madda odeeffannoo jalqabaafi madda odeeffannoo lammaffaati. Maddi inni jalqabaa odeeffannoo qaama dhimmi isaa ilaallatu irraa kallattiin funaannachuun kan argamu yoo ta'u, kunis,namoota naannoo ergaa weedduu Durbaa sirna fuudhaafi heerumaa irratti beekumsaafi muuxannoo qaban irratti hundaa'uun bifoota afgaaffii, marii gareefi daawwannan odeeffannoo argamudha. Qorannoo tokko adeemsisuuf ragaan gahaa kanargamu madda ragaa tokkoffadha. Kanaaf, maddi odeeffannoo hawaasa Aanaa Ejeree keessaa namoota kaayyicha galmaan ga'u jedhamee amaname madda odeeffannichaa ta'u. Kana ilaalchisee Addunyaan (2011: 18) madda ragaa tokkoffaa qorataan tokko qaama dhimmi isaa ilaallatu bira dhaquun qorannoo isaa kan geggeessuudha. Odeeffannoo qorannoo sanaaf ta'u fuulaa fuulatti ragaa barbaade argata. Kanarraa ka'uun qorannoo kanaaf maddi odeeffannoo tokkoffaa filatamee hojiirra oole jira

### 3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Iddatteessuunhirmaattota waliigalaa keessaa kenneen bakka bu'uu danda'anmurteessuudha. Akkaataa yeroofi baajeta irratti hundaa'uun baay'ina waliigalaa irraa daangaa iddattoo addaan baafachuun iddattoo bakka bu'uu murteessuudha. Mataduree kanaaf maloota mijatoo kan ta'e mala iddatteessuu miti carraadha. Kanaafuu, mala iddattoo miti carraa ta'ee gosoota inni qabu keessaa akkayyoofi darbaan dabarsaan fayyadame.Iddattoo ilaalchisee Addunyaan (2011:65) "mala iddattoo mataduree qorannichaan waliin walsimu filachuun yeroo, humna ofiifi maallaqa qusachuuf gaariidha" jedha.Iddatteessuu kaayyeeffatatti fayyadamuun namoota weedduu Durbaa sirna fuudhaafi heerumaa irratti beekumsaafi muuxannoo qaban namoota 8 (saddeet) irraa odeeffannoo funaaname.Kana malees, gandoota Aanaa Ejeree keessa jiran keessaa ganda Dhaammottuu Tokkoffaa, Iluu aagaa, Gorbaa, Sillasee, Ariituu, Doobbiifi Dhaamottu Lammaffaa irratti gaggeeffamee jira.Iddattoo filachuu ilaalchisee Dastaan (2013:132) Jroclim (2006) waabeffachuun akka ibsetti iddattoo filachuun adeemsa hawaasa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota sana keessaa filachuun odeeffannoo irraa fudhachuun itti dhimma bahuudha. Sababni iddattoon kun filatameef irraawwatamtoota hundarraa odeeffannoo sassaabachuun waan hindanda'amneef tooftaan kun irraawwatamtoota hunda bakka nibu'a jedhamee waan amanamefidha.

### 3.4.1. Iddetteessuu Akkayyoo

Weedduu Durbaa sirna fuudhaafi heerumaa Hawaasa Oromoo kamiyyuu biratti kan beekamu yoo ta'eyyuu beekumsa, muuxannoofi fedhiin hawaasni weeddichaaf qabu walqixa ta'uudhiisuu nimala. Kanaaf, Addunyaan (2011:67) Berg (2001) wabeeffachuun mala barbaachisummaa iddatteessuu ilaaichisee yoo ibsu qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u akka kaayyoo qorannichaatti eenyuun otoon filadhee odeeffannoo gahaa naaf kennuu danda'a? jechuun qorannoo isaa galmaan gahuuf iddattoon kun filatama jechuun barreessee jira. Haaluma kanaan qorattuunis iddattoo akkayyooti kan fayyadamteef odeefannoo sirrii argachuun kaayyoo ishee galmaan ga'uufidha.

### 3.4.2. Iddatteessuu Darban Dabarsaa (Iyyaaffannoo)

Darbaan dabarsaan dhimma tokkorratti nama beeknu irra ka'uun nama kan biraa dhimmicha waliigalaan beekan keessa namoota 8 irraa oddeeffannoon funaanameera. Odeeffannoon fudhatames namoota weeddichagadi fageenyan beeku jedhaman iyyaaffachuun bira ga'uun odeeffannoon irraa fudhatamudha. Sababni kun filatames namoota Aanaa Ejeree keessa jiraatanii weedduu kanaaf beekumsa qaban hunda isaanii waanan hinbeekneefi. Kunis, odeeffannoonqorannoo kanaaf barbaachisu akka dhokate hinhafne nagargaara.

## 3.5. Tooftaalee Odeeffannoon Ittiin Funaaname

Milka'ina qorannoo tokkoof qorataan mala odeeffannoo ittiin guuramu addaan baasee beekuun barbaachisaadha. Milkaa'ina qorannoo kanaatiif qorattuun tooftaalee kana gaditti dhimma bahuun odeeffannoo qorannichaaf ta'uu funaannatte. Isaanis, afgaafii, marii gareefi daawwannadha.

### 3.5.1. Af-gaaffii

Af-gaaffiin gosootaodeeffannoon ittiin funaanamuu keessa isa tokko ta'ee kan qorataafi od-himaan fuulleetti walarganii odeeffannoo walii kennani. Odeeffannoo afgaaffiiwwan funaanamuu wanti gaarii taasisuu qorataan gaaffii isa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf od-himaa gaafachuu danda'uu isaati . Dastaa, (2013:11). Karaa biroon Dastaan (2013:113) Yaalew (2006) wabeeffachuun cimina mala odeeffannoo afgaaffii funaannachuu akka

armaan gaditti ibsa. „‟Afgaaffiin yeroo barbaade fooyya'uu akka danda'uufi yeroo afgaaffii odeeffannoon funaannu kan afaaniin dubbatu caalaa sochii od-himtoota irraa odeeffannoo dabalataa argachuufi kan kana fakkaatuuf faayidaa cima qaba," jedha. Kanamalees, namoota dubbisuufi bareessuu hindandeenye yaada isaanii osoo jala hinhafiin ibsatu. Namoonni odeeffannoon irraa funaanamus lakkoofsaan namoota 8 irraa sassaabame. Akkaataan itti filatamanis, namoota weedduu fuudhaafi heerumaa arrabsoo fi mararroo irratti muuxannoofi beekumsa hawaasa keessatti qabanii, kaayyoo irratti hunda'uun filatame. Gaafileen dhiyaatanifis gaaffilee banamoo ta'anii kan ibsa barbaadanidha. Od-himtoonni irraa osoo odeeffannoo hinfunaaniin dura barbaachisummaafi kaayyootti ibsi kennamee jira.Haaluma kanan tokkoon tokkoon od-himtoota afgaaffii torba torba gaafatamanii deebii itti kennanii jiru.

### 3.5.2. Marii Garee

Yeroo ammaa sababa adda addaan kan ka'e waltajjiin milka'aa, weedduu Durbaa sirna fuudhaafi heeruma argachuun baay'ee rakkisaadha. Kanaafuu, waltajjii marii garee mataa ofii qopheessuun barbaachisadha. Marii garee ilaalchisee Neuman, (2007: 88) akka ibsutti isa namni tokko beekuu, inni biraa hinbeekuu, kan tokko dagate inni biroon itti dabaluu nidanda'a. Kanaafuu, odeefannoo gahaafi amansiisaa ta'e argachuuf mala kanaan qorataan kun odeeffannoo kennamu dhaggeeffachuun yaadannoo qabachuufi sagalee waraabbachuuf adeemsifama.

Dastaan (2002: 9) waa'ee marii garee yemmuu ibsu "Dhimma murtaa'aa ta'e tokkoirratti kan qorataan hirmaattota marisiisuun argatudha'' Haaluma kanaan qorattuunis namoota muuxannoofi beekumsa weedduu Durbaa sirna fuudhaafi heerumaa irratti qaban garee tokko keessatti namoota 5(shan) hawaasa keessaa filatame. Marichisyeroo tokkoof geggeeffame jira.Sababiin yeroo tokko qofaa ta'ees namoonni marii kanaaf filataman yeroo hedduu wal beelamanis sababa garaagaraan walfaana argamuu hin dandeenye. Sababa isaan dhiyeessan keessaa tokko dhibee COVID 19ti. Namoonni argamanisgaaffii gareen kennameef erga sirritti garee mari'atanii booda odeeffannoo yaadannoon fudhachuun sassaabameera. Sababni tooftaan kun filatames odeeffannoo gahaafi ifa ta'e nikenna jedhamee amanameeti..Mariin garee kun namoota duraan qofaa qofaadhaan yaada kennan bakkan tokkotti argachuun yaada duraan argame sana dhugoomsuufi yaada dagatamee hafe illee

wal yaadachiisaa akka naaf ibsaan gochuuf tooftaa itti fayyadamedha. Mariin kunis kan irratti gaggeeffame ergaa weedduu durbaa yeroo fuudhaafi heerumaa gaggeeffamu yookiin weeddifamu irrattidha.

Marii kana irrattis kan hirmaatan keessaa barsiisaa Lataa Galaa godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree ganda Dhaamotuu irraa, Obbo Galaanaa Jifaaraa, barsiisaa Firoomsaa Guddataa ganda Silaasee irraa, Obbo Likkiisaa Magarsaa ganda Ariituu irraa,fi Adde Kumashii Guddinaa ganda Gorbaa irraa yoo ta'an , jaarreen kunis wal bira ta'uun yaada hawaasichaa gad fageenyaan kan barsiisudha" jedhani. Yaada kanarraas kan hubannu, yeroo ammaa kana namoonni wal fuudhanii osoo hin turiin sababa tokko malee kan wal hiikan duudhaafi safuu weedduun kun barsiisu yeroo kana waan hin jireef yaada jedhu of keessaa qaba. (Aaddee Kumashii Guddinaa)

### 3.5.3. Daawwannaa

Daawwannaan tooftaa odeeffannoo funaanuuf fayyadu keessaa isa tokko yoo ta'u, tooftaa kanaan bakka qorannichaatti argamuun qabatamaan waan dalagamu irraa odeeffannoo walitti qabuudha. Tooftaa kun dhimma qorannoo kanaan waliin deemu ykn qorannoo kanaan walitti dhufeenya kan qabu waan barbaadame kana itti guutamu dursee qopheessuun ykn yaadannoo battalaa fudhachuun kallattiin ilaaluudha. Kaayyoon daawwannaa kanaa deebii afgaaffii fi marii garee mirkaneessuudha. Waanti namni hojjetuufi waanti namni dubbatu adda ta'uu nimala. Daawwannaan immoo fudhatamaafi amansiisummaa qorannichaa dabaluu nidanda'a. Kanaafuu qorannoon kunis akka amansiisaa ta'uf bakka raawwiin sun gaaggeefamu deemuudhaan weedduu Durbaa sana sagaleesaa waaraabuun dhiyyeessuuf yeroo ammaan kana bifa duraan qabu sana argachuu dadhabus misirroota uffata aadaan faayamanii walfuudhan argadhee suura isaanii kaa'een jira.

## 3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Qorannoon kun odeeffannoo afgaaffii, marii gareefi daawwannan argame tartiiba isaanii eegachuun tarreeffamanii qaacceffamu. Dastaan (2002:10) akkas jechuun ibsa, odeeffannoo ykn ragaalee qorannoon akkamtaa qorattoonni haaluma isaanii mijateen kan deeman akka ta'e muli'sa. Kanamalees, Addunyaan (2011: 62-63) qaaccessa ragaa yoo ibsu malli ibsaa

dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltuu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti kan ibsudha. Malaodeeffannoon itti hiikamu keessaa mala akkamtaa (Qualitative data analysis) fayyadamee deebii walfakkaatan kanneen kennan yaada bu'uura fudhachuun irra deddeebii hambisuun qacceefama. Tartiibolee armaan gadii hordofuun qacceeffamu.

- Iddattoon odeeffannoo qulqulluu kennuu isaanii adda baafachuu
- Yaadolee gaaffilee bu"uuraa adda baasuu
- Odeeffannoo walitti dhufeenya qabaniifi hin qabne adda baafachuu
- Yaadolee hin barbaachifne keessaa hambisuu.

- Yaadolee walsiman walitti fiduun yaada cuunfuu goolaba irra gahuu.

# BOQONNAA AFUR: RAGAALEE DHIYEESSUU, QAACCEESSUUFI HIIKA KENNUU

Boqonnaa kana jalatti ragaalee karaa afgaaffii marii gareefi daawwannan argamaan irratti hunda'uun akka armaan gaditti qaacceessuun dhiyaatedha.

## 4.1 .Gosoota Weedduu Durbaa Sirna Fuudhaafi Heerumaa

Akka od-himaan Lataa Galaa Ganda dhamottuurra(gaafa 10/6/ 2012) fi Kumashii guddinaa ( gaafa guyyaa 12/6/ 2012) odeefannoo naaf kennaniin Weedduun durba Oromoo qabiyyee adda addaa of keessaa qaba. Qabiyyeewwan kunneenis, akka yaada kennitoota kanaatti shamarran Oromoo heerumaa isaani irratti komii abbaa isaaniif qaban, yaaddoo qaban mul'isuuf, fedhiin ala heerumuu yookiin horiitti jijjiramuu, mararoo haadhaa garaa raasuuf yookiin gabbisiisuuf, gorsa intala heerumtuuf dhaamuuf, intala heerumtuu jajjabeessuuf, jaalala hiriyyota isaanif qaban ibsachuuf, weedduu addeeyyewwan waliin ta'anii gurbaa intala isaanii fuudhu arrabsuu, jechuun haala adda addaan akka dhiyaatan niibsu. Kunis,kan jalqabu guyyan cidha ishee yeroo torbaan lamatti galudha jechuun eeraniinii jiru.Isaan kunis wal dura duuban kanneen armaan gaditti eeramaniidha.

### 4.1.1. Weedduu DurbaaJalbultii Qe'ee Warra Intalaa

Akka od-himaan B/siisaa Lataa Galaa gaafa 10/06/2012 naaf himanitti weedduun Durbaa arrabsoofi mararoo galgala galgala weeddifama. Innis intalli heerumtu sun yeroo guyyaan cidha ishee torbaan lamatti galu hiriyoota isheerra deemuun galgala galgala dhufanii cidha ishee akka isheef ho'isan kadhatti. Isaanis, eeyyama maatii isaanii gaafachuun dhufanii hiriyyaa isaanii waliin ta'uun gurbaa intala fuudhuufii firoottan isaa arrabsu. Akkasumas komiifi jaalala intalli warrafi hiriyyota isheef qabdu waliin niibsu.Akka Nagarii(1995:6) jedhutti arrabsoon weedduu Durbaa meeshaa muuziqaa akka dibbee waliin qindaa'ee dhiyaata.Innis humna ittiin garaa namaa raasu qaba.kunis kan ta'u durbi heerumaaf torbaan lamatti yoogalu hiriyoota ishee waliin ta'uun weedduu eegalti jedha. Kana malees, Intalli heerumtu Weedduun jala bultiif durba kadhattee weedduun arrabsoo kan durbi heerumtu addooyyee ishee waliin taatee gurbaa ishee fuudhufi fia isaa ittiin arrabsitudha jedha(Dafaa,1974).

1 (a) Weedduu komii Surreekee murmurtee

Maal errbachuuf taata

Qallookee gurgurtee

Maal ergachuuf laata

Otoon guduruu ta'ee

Hin gurguru harreekoo

Ittan nagada malee

Otoon abbayyoo ta'e

Hin gurguru mucaakoo

Ittan farrama malee

Weedduun bo'oo tokkoffaa intalli heerumtu sun abbaa isheetiin surreekee mummurtee maal erbacuuf taata jechuun ishee surreen gosa uffataa yoo ta'u yoo ciccite waan ittiin deebisanii fayyisan uccuu biraa akka barbaadu kan ibsu yoota'u, bo'oon itti fufu immoo qallookee gurgurtee maal ergachuuf laata jechuun ishee immoo anaan nahin gurguriin yooanaan gurgurte nama ergattu hin qabdu jechuu isheeti. Bo'oon saddaffaan immoo otoon guduruu ta'e hin gurguru harreekoo ittan nagada malee jechuun guduruun biyya gabaa itti daldalan ta'uuf,otoon abbayyoo ta'e hin gurguru mucaakoo ittan farrama malee jechuun ishee immoo ani osoon abbaakoo ta'e intalakoo halagaaf hin kennu gatii barbaachisun kaffala ykn baasa malee jechuu isheeti.

2.(B) Komii Abbaa isheef Qabdu Gaarri gamaa guggubatadhaa

Hurrii mareetoo

Abbaan Durbaa gurgurataadha

Birrii bareetoo

Gurguradhu abbayyoo

Durbatu loon gaaddisa oolii

Gaarri gamaa guggubataadhaa jechuun lafa oli ka’aa (tabba) ta’e kan gurraacha’e yoo ta’u, hurrii mareetoo jechuun immoo dukkanna’uu kan hinargamne jechuudha. abbaan durbaa gurgurataadha birrii bareetoo jechuun immoo ,abbaan durbaa intalla isaa qarshiitti geeddaruuf beekamaa ta’uu isaa kan ibsudha.Yaadi kun akka od-himtootaatti abbaan durbaa intala isaa heerumsiisuuf dursa kan kennu isheef osoo hin taane qarshii argatuuf akka ta’edha.

**4.1,2. Weedduu Durbaa Yaaddoo Mul’isuuf**

Akka od-himaan B/siisaa Firoomsaa Guddataa Ganda Sillaaseerraa (gaafa 10/6/2012) naa himanitti Weedduun kun karaa intalli heerumaaf kaate yaaddoo ishee ittiin ibsatu keessaa isa guddaadha. Kana ilaalchisee Durbi Oromoo kan isaan mararoo bifa weedduun dhaamaniif maatii irraa adda ba’uu jibbuu qofa osoo hin taane qarree dhabuufi miidhaa gama dhirsaatiin irra ga’uuf jedhuus kan yaaddeessu ta’uu isaati.(Nagarii1995). Yaaddoon ishee kun kanaan dura mana haadhaa fi abbaa ishee jiraachaa kan turteefi amma immoo mana alagaa yookiin ormaa deemtee kana durbummaan ishee irraa fudhatamuu akkasumas yoo durbummaa dhabde rakkoo irra gahuudha. Isheenis weedduudhaan rakkoo maatii irraa fagaachuuf rakkoo ofii ishee qulqulluummaa yookiin durbummaa gatuu isheetiin yaaddoo qabduu birqabaan ibsatti. Akkana jechuun

Abiddii kabootaa
Nama hin gubuu seetee
Nama horbobbessa
Jechi haadhaa ormaa
Nama hin hubu seetee
Nama qulaanceessa

Ergaan weedduu kanaa, bo’oon duraa abiddi kubootaa nama hin gubu seetee nama horbobbeessa jechuun kabootiin dhoqqee loonii gogaa yoo ta’u innis, yeroo boba’u waan nama gubu hin faakkaatu garuu nama quncisa,yookiin osoo hin beekamiin nama madeesa jechuu yoota’u,bo’oon itti aanu immoo jechi haadha ormaa salphaa miti nama huba ykn nama aarsa. jechuudha. Jireenya haadhaa ofiirraa ba’anii haadhaa ormaa wajjiin jiraachuun ulfaatafi kan nama miidhu ta’uu bira darbee intalli kun tarii yoo durbuumma dhabde illee jecha namootaaf taa’uu akka hin danddeenye yaada isheefi yaaddoo ishee ibsachuu

isheeti nu hubachiisa jechuudha. Yeroo kanas yaadichi jajjabeefamuu yoo baate illee, kana jechuun ( durubummaa dhabuun intalaa) hiriyyoonni ishee immoo akkana jechuun weeddisu.

Maarashaan lootee loote kaa lootee

Migiraan baate nadhummaan mootee
Moote kaa mootee sibiraan baatee

Akka od-himtuun Aadde Shaashituu Bayyanaa Ganda Iluu Aagaarraa (gaafa 11/6/2012) naa himanitti weedduun olii kun maarashaan yeroo lafa qotu hidda migiraa lafa keessaa akkuma buqistufi migirri gosa margaa ta'e akkuma buqa'ee baduu amma atis durba ta'uun kee hafee nadheen ta'uukeeti ykn sadarkaan kee nadheen bira ga'e jechuudha.

Nadhummaan fafaa citee sit hafaa
Seeyyee yaan hiyyoo seente kaa kiyyoo
Qalloon durba gidduu durba keessaa baatee
Durbatti hin deebitu.

Ergaan weedduu kanaa, nadhummaan fafa cite sitti hafa jechuun dubarri tokko takkaa qarree buufannaan kan itti hin deebine ta'uu isaati. Seenteka kiyyoo jechuun immoo gaafa heerumtee kaastee itti gaafatamummaa waan fudhattuuf, akka yeroo durbaatti jiraachuun kan hin danda'amne ta'uu agarsiisa. Kanuma irraa ka'uudhaan, intala heerumtu jajjabeessuuf immoo weedduu armaan gadiin gorsa kennufi.

Yoo ta'eef ta'ee
Manichi manaa
Cufanii banuu
Yoo ta'uu didees
Mana halagaa
Dhiisanii galu, jechuun intala heerumtu jajjabeesu.

Dhaamsi weedduu kanaas yoo ta'eef ta'ee manichi manaa cufanii banuu jechuun yoo si jiraachiisan jiraadhu, mana keeti yoota'uu dide immoo dhiisanii ykn cufanii galu jechuun immoo yoo si jibban immoo cufii yookiin dhiisii gara mana wara keetti gali jechuun gorsu jechuudha. Kunis kan nu hubaachiisu shamarraan mirga dubbaachuu yoo sarbamani illee karaa weedduutiin yaada isaanii bifa garaa garaan ibsaachuu kan isaan dhorku akka hin jirreefi yaada cimaan ergaa dhoksaa qabu akka dabarfatan nu hubaachiisa.

**4.1.3.Fedhiin Ala horiin Jijjiramuu Intala Heerumtuu Weedduu Agarsiisu**

Akkuma boqonnaa lama jalatti Yaaxina Faayidaa keessatti ibsametti afoolli dhiibbaa aadaan namatti geessisu jalaa miliquuf,aadaa kunuunsuufi beekamtii kennuuf tajaajila Simsfi stphens(2005:174).Akka od-himtuun Aadde Dhibbashii Xaafaa( Doobbii) gaafa guyyaa (11 /6/2012) naaf himanitti Durba tokko maatiin ishee akka qabeenyaatti ishee ilaaluun, fedhii isaanii irratti hunda'uun qarshii yookiin horiin yemmuu jijjirratan of irraa deebisuuf mirga tokko illee kan hin qabnetti ibsu. Kanas akka yaada bakka butuu kanaatti intalli sun yaada ishee ifatti baaftee waan dubbachuu hin dandeenyeef akka armaan gadiitti weedduun ibsatti jetti.

Seeyyee seeyyee daggala seenaa
Yaa haadhaa koo maccan aseenaa
Yaa haadha koo nan oolfattuu jeennaan
Odaan baala soddaatu caala
Birriin baala dhaqi ilmoo koo jettee

Seeyyee seeyyee dagalan seena jechuun daggalli bakka namni hin jiraane huura ykn bosona jechuu yoo ta'u, isheenis ani namootaan beeku keessaa ba'ee baduukooti yaahaadhakoo maal naaf wayya yogguu jettuun, haati ishee Odaan baala soddaatu caala jechuun immoo Odaan muka guddaa kabaja qabu yoo ta'u atis anaaf kabajiin kee yoo heerumtee mana godhatteedha malee nawajjiin taa'uukee miti kanaafuu,deemi homaa hin taatu nibarta anaaf soddaaykn nama isa sifuudhuufi qarshii inni naaf kenutu naaf caala isatu kabajakooti jecuudha.

Yaa hiriiyyee nan oolfattuu jennaan
Kooyyuu hin beeku kan kee beeka jettee.
Abbaa koo maaloo barcumaa guutee
Maal sigoonaan macca na buuftee
Macci maal keeti
Anoo ilmoo keeti. Jechuun weeddisti.

Kana irraa kan hubannu intalli heerumtuu tokko komii haadhaa fi abbaa ishee irraa qabdu bifa armaan oliin kan ibsatuudha. Kunis yaada ishee karaa seera qabeessaan

ibsachuuf carraa dhabduullee komii maatii fi hiriyyaa isheerraa qabdu haala kanaan ibsatti. Ergaan weedduu kanaas, Maaliif na heerumsiistu maal ta'a yoon isin bira taa'ee yaahaadhakoo na dhoksadhu situ beeka rakkina manaa, abbaan koo hin beeku akka waan jechuu fakkaata .Haa ta'u malee, haati ishees lakki deemi anuu mana abbaafi haadhakooti hin hafne jechuun waan garaa ishee kutteef hiriyyoottan ishees na dhoksadhaa jechuun yeroo itti dhiyyattu, hiriyyoonni isheesi siin eessa sidhoksaanna nuyyuu booru akkumakeeti jechuun akka garaa ishee kutaan, deebitees, abbaa ishee garaa laaffisachuuf ana ilmmookee maaliif nagurgurtaa qarshii manna ana siif hinwayyuu jechuun weeddisuu ishee nu hubaachisa.

**4.1.4. Jaalala Hiriyoota Isheef Qabdu Ibsuu**

Akka Od-himtuun Adde Sanbatee Hulluuqaa Ariituurraa gaafa 13/6/2012) naaf himanittiintalli heerumtu sun akkuma maatii ishee jaallatu hiriyyoota ishees waan jaallattuufi jaalala hiriyyoota isheef qabdu sana weedduu armaan gadiin ibsatti.

Simbirroo alamuu beenyaa
Dubaroo waldhabuu keenyaa
Waldhabnee akkamiin teenyaa
Eessa keenya marii keenyaa

Weedduun walaloo bo'oo duraa Sinbirroo alamuu beenyaa jechuun bareedduu koo ykn kennaakoo jechuu yoo ta'u, bo'oon lammafaa immoo ani deemuukooti kanaa booda wal hin arginuu jechuudha. Bo'oo sadaffaan immoo iccitii kaawwanne sana akkam goona eessatti deebinee haasofna jchuudha.

Wallaggee wallaggee
Wallaggee daariitoo
Waldhabnee waldhabnee
Waldhabnee gaariitoo

Wallaggee wallaggee wallaggee daariitoo jechuun biyyi wallagaa biyya fagoo ykn daangaadha. Bo'oon itti aanu immoo aniifi atis akkasuma walirraa fagaachuufi ani hiriyeekoo gaarii yookiin namatti toltu dhabuukooti jechuudha.

Walaa walaa oolii
Eeleen caba hin ooltuu
Waljaalachaa oolii

Gargar baatii hin ooltuu

Ergaan walaloo weedduu olii kun walawalaa olii eeleen caba hin ooltu,jechuun eeleen gosa suphee kan ta’ee osoo hamma feetee kunuunsite gaafa tokko cabuun ishee hin hafu jechuu yoo ta’u, namnis osoo hanga fedhe waljaallachaa oole adda ba’uun isaa waan hin hafneef gargari ba’uu keenyadha jehuun jaalala hiriyyoota isheef qadu ibsatti.

Qarree durbaa yaa haadhoo
Karaa ani dhufuu qoraatti butaa
Qoraatti hin butiin wayyaa koo butaa
Garaa na kutaa.

Ergaan weedduu walaloo armaan olii bo’oon duraa qarree Durbaa yaahaadhoo karaa ani dhufu qoraattii butaa jechuun qoraattiin gosa mukaa kan wayyaa yookiin uccuu namaa qabee nama hin gadhiifne yoo ta’u, isheeniskanaan ani akkaan gara keessan hin dhufneef qoraattii gidduu keenya kaa’aa, garuu qoraattiin dhiisaa garaakoo kutaa ofirraa na deebisaa jechuun hiriyoota ishee walitti qabachuun jaalala isaaniif qabdu ibsatti. Hiriyyoota ishee kana malee guyyaa tokkoo illee waan bultu itti hin fakkaatu. Ergaan weedduu kanas,ani akkaan isiin hin yaanneef garaa nakutaatti nagaggeessaa jechuusheeti. Hiriyyoonni ishees weedduu ishee kana ergaa dhaggeefatanii booda, intala ishee heerumtuuf weedduu kana weeddisuun yaada ishee sana dagachiisuun jajjabeesuun hiriyyaani isaanii isaan irraa adda ba’uun akka isaan gaddisiise weedduu armaan gadiin ibsatujetti Aadde Sanbateen.

Osoon hidda maree mareen
Ani hin marreen jedha
Osoo danda’ellee
Maree si suuqqadheen
Hin agarre jedha

Ergaan walaloo weedduu armaan olii hiddi gosa mukaa lallaafaa kan walitti naanna’u yoo ta’u,hiriyaan intala sanaas anisi osoon hidda ykn quncee ta’e, mamaramuu danda’e ofjala sidhoksadheen hin agarreen jedha garuu gochuu hin dandeenye jechuun ibsti.

Harreen garbuu dheeddee
Gad dachaasaa tikisaa
Qarreen darbuu geessee

Faffacaasaa sirbaa.

Harreen garbuu dheedde gad - dachaasaa tiksaa jechuun harreen gosa beyiladaa kan taate midhaan garbuu jedhamu akka hin nyaanne midhaan irraa eegaa jechuu yoo ta'u,qarreen Durbaa immoo dabbassaa mataa ishee irraa kan haadamu yoo ta'u, Durbi akka feetetti sirbuu kan dandeessu osoo qarree kana qabduuti malee erga mataa ishee duuchattee dhahattee yookiin qarree buufattee akka feete ta'uu akka hin dandeenye ibsuufi jechuudha.Ergaan weedduu kanaas amma nubira jirtuutti fi mana abbaakee jirtutti akka feetetti utaali sirbi jechuun jajjabeessu jechuudha. Kana malees, durbummaan uummata Oromoo biratti gatii guddaa waan qabuuf, durbi gaafa qarree buufattee kaastee akka feete taatee sirbuu waan hin dandeenyeefi guyyaa dhumaa qabdu kanatti akka fayyadamtu weedduu kanaan cimsanii ishee akeekkachisu. Kunis har'a yoo sirbuu baatte gara fuula duratti carra akkanaa akka hin arganne ibsa.

**4.1.5.Haadha Garaa Raasuuf yookiin Gaabbisiisuuf**

Akka od-himaa Obbo Galaanaa Jifaaraa(Dhaamottuu irraa gaafa 13/06/2012) akka naaf himetti Shamarraan guyyaa cidhaa ykn gaa'elaa galgala ergaa yookiin dhaamsa haadha isheef qabdu akka armaan gadiitti weeddisti.

Okaan haama yaakaloo
Seenaan dhaama yaa haadhakoo
Iddoo ciisakoo
Gumbii dhaabadhuu
Iddoo teessumakoo
Madabii buufadhuu
Kutaa irbaatakoo
Dilbii kuufadhuu
Dibaa qarreekoo

Samii kuufadhu. jechuun weeddifti. Walaloon weedduu Durbaa yeroo dhiyaatu humna ittiin garaa namaa raasu qaba. (Nagarii,1995).ergaan weedduu durbaa kunis, okaan haama yaakaloo jechuun okaan nyaata biyilada(kottee duudaa) yoo ta'u seenaan dhaama yaa haadhakoo jechuun immoo waan natti dhagamuun siif hima jechuudha. Intalli heerumtu sun akka mana warra isheetti hin hafne ergaa mirkaneeffattee booda haadha isheetiin

erga anaan nagurgurtee iddoon koo akka sitti hin qaawwinef bakka ciisakoo gumbii dhaabbadhu , bakka teessumakoo immoo madabii buufadhuu irra ciisi sittaabal'atu ,nyaata ani nyaadhus ol kaawwadhu yookiin kuufadhuu itti jiraadhu, dhadhaan ani mataakoo dibadhuus walitti qabii kuufadhuutii itti fayyadamii jechuun haadha ishee garaa raasuun boossee boosistee kanaan dura na wajjiin rakkattee na guddifteetta kanaan booda ani wanaan of danda'eef atiis akka feetetti jiraadhu jechuun ergaa ishee dabarfachuu isheeti. Ergaa Intalli manaa baatee booda immoo hiriyyoonni ishee mana haadhaa intalaatti ol deebi'anii weedduu armaan gadii weeddisuun haadha gabbisiisu.

Ulee ulee allaanduu
Hiriyyee nuu hin yaadduu
Kan harmeekee gatteetoo
Haadha ormaa barbaadduu
Aayyoo yaa haadha koo
Naaf kenni irbaatakoo
Irbaanni irbaatumaa
Naaf ijibbatumaa.

Ergaan mararroo kanaa, intalli guyyaa itti aanu kan heerumtu waan ta'eef carraan irbaata maatii ishee wajjin nyaachuu ishee isa dhumaa ta'uu agarsiisa. Dabalataanis, sana booddee haadha ishee irraa kan adda baatu ta'uu mul'isa

**4.1.6. Gorsa Intala Heerumtuuf Dhaamamu**

Akka Od-himaan Obbo Likkiisaa Magarsaa Ganda Sillaaseerraa gaafa (14/06/2012) naaf himanitti hiriyyoon intala heerumtuu wal ga'anii akka hiriyyaan isaanii isaan irraa adda baatee hin miidhamneef weedduu armaan gadiin ergaa dabarsuuf jedhu.Kanuma ilaalchisee Afoolli daawwitii jireenya ilma namaati (Addunyaa 2014;166).jedha.

Kanaan sii dhaamu
Simbira gaaffuu
Mukarra teessee
Hunda dhaggeessee
Ibiddi hin dhaamiin
Gandaa sii hin waamiin

Ergaan walaloo weedduu kanaa bo’oon duraa kanan siif dhaamu sinbira gaaffu mukarra teessi jechuun sinbirri qilleensa irra waan deemtuuf akka waan tokko illee ishee hin dhorkine sana ergaan ani siif qabu sitti himuu waan dandeessuuf simbirattan siif erga jechuudha. Bo’oon itti aanu immoo ibiddi hin dhaamiin gandaa sihinwaamiin jechuun ibidda dibii buchadhu malee ganda ibidda fuudhachuuf deemtee osoo dhaabbattuu yerookee gubdee akka hin miidhamne of eegannoon jiraadhu jechuudha.

Qirraarii car godhii
Sagalee las godhii
Akkamitiin muru gogaa
Kormaa maru giddii maruu
Akkamittin bulu qe’ee ormaa
Bulu giddii buluu
Waaman owwatanii
Dhaanan wat waatanii bulu jechuun intala heerumtuuf gorsa laatu.

Dhaamsi weedduu kanaa Bo’oon duraa qirraarii car godhi jechuun farsoo boora’aa namaa hin kenniin jechuu yoo ta’u,sagalee lasi godhi jechuun immoo sagalee guddaa hin dubbatiin jechuudha. Akkamiin muru gogaa, kormaa maru giddii maruu jechuun immoo wanti goge muruuf akka jabaatu akka nama rakkisu kan ibsudha.Akamiin bulu qe’ee ormaa bulu giddii bulu jechuun immoo qe’ee ormaa namatti tolee osoo hin taane hunda danda’nii bulu jechuudha.Kanas kan godhan yoonama waaman jalaa oowatanii malee hunda wawatanii jiraachuun akka hin danda’mne kan ibsudha. Hiriyyonni intala heerumtuu intalli heerumtuu haadha manaa gaarii akka taatu gorsa kennuufi. Kunis akka isheen kaameetti yookiin qophee taatu, jiruu ishee dhiftee ganda irra akka hin deemne, waa manaa akka hin dhabne, nama hundaa waliin gahuufi miidhamtulle akka dandeessee bultii ishee eegattu gorsa laataniif mul’isa.

### 4.1.7.Weedduu Misirricha Ilaalchiisee Jala bultii Mana Warra Intalaa

Weedduun arrabsoo kan durbi addooyyee ishee waliin taatee gurbaa ishee fuudhufi fira isaa ittiin arrabsitudha jedha(Dafaa 1974;18).Haaluma kanaan weedduun Durbaa jala bultiitti weeddifamu akka od-himtuun Aadde Kumashii Guddinaa Ganda Gorbaarraa (gaafa 12/06/2012) akka naaf himanittiWeedduun, sirba gaa’elaa baay’een isaa haqa jiru irratti kan hundaa’e yoo ta’u gariin immoo, dhugaa irratti kan hundaa’e miti. Gochi ittiin

shamarraan weeddisaaniifi kan dhiiraan jedhan gargari. Shamarran yeroo baay'ee amaloota saalaan walqabataniin kanneen akka sagaagalummaa, durbummaa dhabuu, manatti da'uu fi ulfa baasuun arrabsamu. Dhiiroonni immoo, qabeenyaa dhabuu, ajjeessuu dhabuu, amalaa fi ilaalcha hawaasa keessatti qabaniin arrabsamu. Arrabsoon weedduu durbaa akka maqaan isaa ibsu osoo hin taane beekumsa,gorsafi safuu hawaasicha biratti fudhatama qabantu keessa jira.(Migaanuu 2011;56).

Akka od-himtuu kanaattiWaltajjiin weedduu durbaaf mijatu mana warra intalaatti qindaa'a. Bakka sanatti shamarraan wal ga'anii weeddisu. weedduu kana keessatti mudannoowwanii fi sababiilee adda addaa barbaadanii warra soddaa arrabsu. Mana warra intalaatti weedduun gurbaa fuudhu haa xiyyeefatu malee, maatiifi firoonni isaas ni arrabsamu. Kanaafuu, jechoonni isaan ittiin weeddisan sun misirricha waan mufaachiisu fakkata. Ta'us garuu aadaa waan ta'eef, garaa bal'ifachuun hin hafu. Weedduun weeddifamuus kan armaan gaditti argamu haa ilaallu.

Addeechi goobanee yoom nuuf ba'a laata
Soddeen duubatti hafee ni alba'ee laata
Yoon sobe illee laalaa surreen albaatiidha,

Ergaan weedduu kanaas,bo'oon duraa addeechi baatii samiirraa galgala galgala mul'atu yoo ta'u ,sodden duubatti hafe ni alba'ee laata jechuun immoo gurbaan intala keenya fuudhu as ba'ee intala fudhachuu sodaate hafa jechuun gurbaallee onne itti horuun sodaa tokko malee akka inni fuuldura isaan dhaabbatu arrabsoo fakkessanii jajjabeessu isaanii mul'isa.

Baddaan qoraasumaa
Caakkaat dhokse malee
Soddeen qomaaxumaa
Caammat dhokse malee

Bo'oon walaloo duraa baddaan qoraasuma jechuun bosonni kun muka qoraasuma jedhamu qaba,garuu akka hin mul'anneef mukkeentu da'eera malee jechuu yoo ta'u,sodden qomaaxuma caammaatu dhokse malee jechuun immoo gurbaan intala keenya fuudhuu miilli isaa quba hin qabu citaadha garuu kophee waan kaawwateef hin argamu malee jechuu isaaniiti. Akka yaada kanatti gurbaan kun sanyiin isaa sanyii namni hin feene sanyii qurciiti jechuudha.Inni biraan immoo

Hiddiin miciraanii
Hiddiin miciraanii
Dhugaa qabdiif boosii

Mucayyoon gurbaa surreen injiraanii jechuun arrabsu.Kunimmoo walaloon bo'oo duraa dhala hiyyeessaa ta'uu isaa osoo qananiin gudateera ta'e huccun yookiin uffanni isaa ilbiisa hin uumu ture jechuu isaaniiti. Kun immoo tuffii sanyiin wal hingitnu atti hiyyeessa homaa hin qabdu maaliin na bulchita jechuu isheeti.

Irraagadeen taphaa

Caammaa golbeefadhu

Gurbayyoo yaa soddee

Distiin irra gate

Leemmana qopheefadhu

Yoo leemmana dhabde
Harkaan gad deefadhu
Yoo harka sigube irraa arrabadhu

kanneen armaan olii kana jechuudhaan akka waan sanyii badeetti , sodaataa fi hiyyeessa yookiin deegaa ta'etti jechoota haamilee isaa xuqaniin arrabsu jechuudha. Weedduun durbaa gama warra intalaatti jedhamu yeroo hunda misirricha qeequtti xiyyeefata. Hiriyoonni intalaa haala hawaasummaa sana keessatti hirmaannaa misirrichi qabu, amalaa isaa, dandeettii fi jabina hawaasa keessatti qabu, akkasumaas qabeenya qabaachuu fi dhabuu isaa xiinxaluun waljalaa fuudhuun bifa adda addaan arrabsuu. Akka waan duraan beekanii amala badaa qabaachuu isaa misirrootti beeksiisu. Kanas weedduu armaan gadii irraa haa ilaallu.

Iyoolakoo asiin buute daandiin shinoo x2
Ya soddee ya hattuu shiroo
Faayiliin si waamate kunoo
Shagarii yaa marraa bitee,
yaa maqaa Abshiloo fixee

Warrattuu gadadoo fidee

Ergaan walaloo weedduu Durbaa kun bo'oon duraa iyoolaakoo jechuun ummataakoo jechuu yoo ta'u,asiin buute daandiin shinoo jechuun shinoon maqaa naannoo ykn araddaa tokko ti . yasoddee yaa hattuu shiroo faayiliin siwaame kunoo,jechuun immoo, gurbaan intala keenya fuudhu hattuu waan ta'eef shiroo hatee himatamuun mana murtiitti waamamuu isaa kan ibsudha. Shagarii yaa maraa bitee ,yaa maqaa abshiloo fixee,warrattuu gadadoo fidee,jechuun immoo abshiloon miidhaan farsooykn araqeef qophaa'u yoota'u gurbaan isa fixe kun warra isaayyuu rakkoorra akka buusuf, yoo niitii fuudhe akkamitti bulchata nama akkanaaf intala keenya hin laannu akka jechuuti.

Iyoolakoo asiin baate daandiin Amboo

Yaa obboo yaa hattuu tamboo
Faayiliin si waamte Amboo

Awaaree yaa awaarileetoo

Qamalee gurra lootii
Muu gurbittin maal nu gooti
Ishumtuu amma kooti

Safareen dhiise koobii.

Weedduun bo'oo duraa kun iyyoolakoo jechuun akka od-himtootaatti jamaakoo ykn warrakoo jechuu yoo ta'u,asiin buute daandiin amboo jechuun biyya amboo jedhamtuu kan deeman kallattii kanaanii jechuu yoota'u ,bo'oon itti aanu immoo gurbaan tamboo hatee waan jiruuf mana murtii ambootti dhiyaachuu isaa kan ibsudha.Kana jechuun immoo gurbaan kun hattuudha nama gaarii miti akka jechuuti. Bo'oon itti aanuus ,Gurbichi akka waan inni amala badaa,hattuu fi amala dubaritti qabuutti yookiin dhiira ta'uu isaa akka waan gahee dhiira bahuu hin dandeenyetti weeddisuun arrabsuu. Kunis dargaggoonni gara fuula duraatti fuudha dhaqan amala gaarii fi yaada qajeelaa akka horaataniif ciminaa fi jabinaan jajamuu malee akka waan biraan hin ceephamneef kakaasa.

Dubariiasii osoo hodhituu

Mutaan dacha'ee
Dubaroon achii osoo ejjituu

Offaan tarsa'ee

Bo'oon walaloo kana inni duraa dubarri keenya hodhaa hodhitee jireenya ishee kan jijjirrattu yoo ta'u dubarri warra soddee immoo otoo sagagalanii qaamni isaanii tarsa'ee akka rakkatan kan ibsudha.

Haayyoo haa tikoo lafa hin dhaabbattuu
Madabii malee madabiin sunuu
Madabii tarree haayyoo haa tikee
Dhirsa hin jaallattuu sigabii malee
Sigabiin sunuu sigabii harree
Isa irraa hin galle.

Weeddun duraa haatikoo yeroo dhaabbatu lafarra osoo hin taane madabiirradha, jechuu yoota'u madabii sunis madabii toora gale,haati gurbaa garuu dhirsa ishee hin jaallattu,nama biraa malee innis nama tokko osoo hin taane nama akka harree waa hin quufne barbaaddi jechuun arrabsu.

Abbayyee abbaan koo
Yoo ba'ee taa'uu
Tulluu guddaasaa
Abbaye abbaan kee
Yoo ba'ee taa'u
Gurcuu fakkaataa
Gurcuu gubataa.

Ergaan walaloo weedduu kanaa abbaa ishee olkaasuun kabaja kennitee abbaa isaa immoo xiqqeessuun tuffachuu ishee kan agarsiisudha. Kunis kan mul'isu sanyiin koofi sanyiin kee waan wal-hinginneef na fuudhuu hin dandeessu akka jechuuti.

### 4.1.8.Guyyaa Gaafa Cidhaa Yeroo Misirroon Dhufuu Didee Ture

Akka od-himtuun Aadde Kumashii Guddinaa gaafa 12/06/2012 naaf himanitti guyyaa cidhaa sana yeroo misirrichi intala fuudhuu dafee dhufuu didee turu shamarraan komii isaanii weedduu armaan gadiitiin ibsatu jetti.

Gufuu hidda baala eebichaa
Dhufaa jirtaa yaa soddaa

Atuu sodaatee dhiistaa
Maaliif karaa na eegsiistaa.

Gufuun muka citaa , hidda baala eebichaa jechuun eebichi gosa muka hadhawwaa dallaa ta'u,galma walalichaaf kan itti fayyadamanidha.Bo'oon lammataa immoo dhufaa jirtaamoo hin sodaatte hafte, tokko natti himi karaa ykn daandii nan ilaalchisiin jechuun akka inni hin sodaanneef onnee itti horti jechuudha. Kanas kan jedhaniif misirrichi akka waan inni sodaateetti wal harkaa fuudhanii siluma hin dhiisuu maaf kanatti gale kan har'a dhufuu didee karaa nu eegsisu akka jechuuti .Yeroo kanatti waan garaa isaanii jedhanii arrabsuuf mirga guutuu qabu. Akkaataa jireenya isaa, qaama isaa fi kan kana fakkaatan jedhanii arrabsuun nyaata lagu. Guyyaa cidhaa kana weedduun durbaa haala fi yoomeessa yeroo keessatti weeddifamuun kan daanga'uudha. Hawaasummaa yookiin haaluma keessa jiraan sana irratti hunda'uun kan kalaqamu ta'uu isaati.

### 4.1.9. Karraa Warra Misirritti Yoo Ga'u

Akkaod-himtuun Aaddee Kumashii Guddinaatti12/6/2012Yeroo hamaamonnii fi misirrichi dhufanii karra warra intalaa bira gahan weedduu durbaa garee garagaratiin hiramuun naannoo mana isaanii ho'isu. Garri tokko arrabsoo, gareen biraan immoo weedduu waljalaa fuudhanii sirbu. Ni shubbisu, ni dhiichisu, ulaa seenuun akka hin danda'amne hubachiisu, kanas kan hubachisu jaarsolii kabaja abbaa fi haadhaaf jedhanii dhufaniidha. Kanaafuu shamarran miinjee qofa hanbisanii soddaa fi hamamoota bifa isaan aarsuun weeddisu. Innis akka armaan gadiitti.

Hiddi daree faagaan iyyuu didee
Gurbaan birrii baree
Ol aseenuu didee
Anoo haamsaa hin fudhuu
Boondii malee
Egaa maal taataree Kana jechuun gurbaa sodachisaa lafa itti dhiphisu.

Gurbaanis yeroo kana garaa jabeeffatee waan isaan gaafatan hunda kennuuf murteeffatee ol seena. Akka aadaa Oromootti yeroo gurbaan fuudha dhufee balbala worra intalaa ga'u balbali qabaa kan jedhamu kan jiru yoo ta'u, kunis intalli heerumtu hiriyyoottaan ishee waliin balbala irra dhaabachuun hanga qarshii yookiin gatii argaa intala fuudhu sanaaf

kennutti akka ol hin galle dhorku jechuudha. Kanas yeroo sana qarshiin kennamu qabu qarshii kudhan waan ta’eef gurbaan kun qarshii kudhan waan hin qabneef ol seenee ana fudhatee galuu hin danda’u, ani immoo qarshii shan hin fudhu kudhan malee jechuun akkanni edda seene seenee qarshii gaafatame sana kennee ol galu akekkachiisu jechuudha.

**Arrabsoo Hamaamotaa**Yaa hamaamotaa maaltu as sidhaabaa

Fardi obboo koo duubaan si yaabaa

Yaa hamaamoo maal asii qabdaa

Deemte hin galtuu yaa sanyii garbaa.

Ergaan walaloo weedduu kanaa hamaamonni gurbaa wajjiin dhufan yookiin hirriyyota gurbaa akka isaan gurbaa fuudha dhufe wajjiin ol hin seenneef aarsuun akka gurbaa fuudhu gataanii akka deebi’anii galaniif arrabsuun aarsuu isaanii agarsiisa.

### 4.1.10. Erga Gurbaan Ol Seenee Weedduu Weeddifamu

Akka od-himtuun Aaddee Dhibbashii Xaafaa (gaafa 11/6/2012) odeeffannoo naaf kennanitti Weedduun durbaa gama warra intalaatti jedhamu yeroo hunda misirricha qeequtti xiyyeefata. Hiriyyoonni intalaa haala hawaasummaa sana keessatti hirmaannaa misirichi qabu, amala isaa, danddeettii isaafi jabina inni hawaasa keessatti qabu, akkasumaas qabeenya qabaachuufi dhabuu isaa xiinxaluun waljalaa fuudhanii bifa adda addaan arrabsu. Akka waan duraan beekanii amala badaa qabaachuu isaa misirrootti beeksisu. Kanas weedduu gadii irraa haa ilaallu

Qamalee isaa waashii mukaa

Gurbaa isa waannaa budaa
Dura deema shaashii maree
Haadha yaabee raajii ba’ee.

Walaloon weedduu durbaa bo’oon duraa kun qamaleen gosa bineensaa taate muka irra kan jiraatu yoo ta’u,bo’oon lammafaan immoo gurbaan isa nama nyaatu sanyii hamaa jechuudha.Dura deema shaashii mare jechuun immoo ija jabinaan seenaa isaa dhoksee

deemuu isaa kan ibsu yoo ta'u ,haadha yaabee raajii ba'e jechuun immoo safuu wallaalee nama dinqisiise jechuudha.

Nu xaafii haammanne wanna qucca tokko<br>
Nu soddee argannee wanna naachoo tokko

Weedduun walaloo Bo'oon midhaan xaafii jedhamu qabaa tokko akka haaman kan ibsu yoo ta'u,soddee argannee waan naachoo tokko jechuun immoo bineensa naacha fakkaatudha. Kana jechuun immoo tuffachuu kan agarsiisudha.

Siraatee yaa siraate<br>
Hammam yoo ta'ee dhiyaate<br>
Kan sareen itti albaate<br>
Kan miinniin keessaa gad-yaate<br>
Gurbaanoo ol galee nyaate.

Jechuun misirrichi akka inni aaru, nyaata garaa hammaatu gochuun nyaata gaarii qophaa'e sana osoo hin nyaatiin hagabuu deebi'ee akka galu godhu. Itti fufuun hamaamonni ol galtee ergaa nyaata nyaattee kaate boodas olaan darbaa kan jedhamu seerri intalli heerumtu gara daasii hamamootni keessa galaniitti ol seentee hamaamota ishee ilaaltuu waan jiruuf ammas ol seentee akkana jechuun hiriyoota ishee waliin weeddifiti.

Yaa bishaan olaltuu<br>
Yaa gurbaa yaa dhaltuu<br>
Ani dhufe maladhu<br>
Boondii qopheeffadhu,

Jechuun ol aseentee qarshii kudhan yookiin boondii irraa fudhatti jechuudha. Kunis, aadaa waan ta'eef malee mana warra isheeti kanaan ol illee gaafachuu dandeessi haata'u malee, aadaa cabsuun garuu hin danda'amu. Yeroo intalli qarshii fudhattee baatus akkas jedhanii weeddisu

Agargajii yaa shoolee

Agartanii yaa ijjoollee

Dubarri dhiira moonee
Gurbattii diilii goonee

Weedduu armaan olii kana weeddisuun gahee isheen mana abbaa shee irratti qabdu argisiftee mo’achuu ishee ibsatti. Ergaan weedduu kanas gurbaan har’a waan gaafatame hunda kennuu malee intala argachuu akka hin dandeenye weedduun amansiisanii jabina isaanii ibsatu jechuudha.

### 4.1.11. Weedduu Yeroo Intalli Baatu Weeddifamu.

Akka Od-himaan B/siisaa Lataa Galaa (gaafa 10/06/2012) naaf himanitti weedduun yeroo intalli baatu yookiin yeroo gurbaan intala fudhatee gara mana warra isaatti galuuf ka’u weedduu shamarraan hiriyootaa fi firootaan misirrittii hanga murtaa’e tokko waliin deemuun akka isheen hin yaaddofnee fi hin sodaanne jajjabeessuuf akkanatti weeddisu.

Akaayiin akaaya qursii bunaatii
Ani qalloo hin kennu, qulfii balbalaatii
Mana keenya duuba xaafii adiin geessee
Qalloo nu ergi yaa saddee yeroo qaamaan geessee
Maal rakkateet erga, erga harka geessee

Weedduun walaloo bo’oon duraa Nunni qursii malee akkuma hin dhugamne intala keenya malee homtuu nutti hin toluutii yeroo qaammee nuuf ergi wajjiin tapha’anna jechuun yeroo soddaa isaaniiti dhaamatani intalli heerumtu sun immoo dhuguma nan dhufa,duukaan taphadha jechuun akka gammaddu kan ibsudha.

Hagadaa hundee nyaatu
Jajjabadhu yaa haadho koo
Karra abbatti hafuu hin taatu
Jabaadhu egaa homaa hin taatu
Haati Oromoo siifaa naatu
Gurbitti rabbi haa nyaatu. Jechuun weeddisu.

Walaloo olii kanaan misirritti jajjabeessaa gurbicha arrabsaa booyaa gaggeessu.Dhaamsi weedduu kanaas gurbaa intala isaanii fudhatee gala ka’e kana intala keenya yeroo tapha qaamee dhuftee akka nuwaliin sirbitu nuuf ergi malee qabattee manatti hin hanbisiin ,garuu maaltu sidhibee ergita har’aan achoo kan keeti jechuun edda

ergaa isaan dabarfataan booda intala heerumtu immoo ,egaa jabaadhu, nuyi kanaa booda si biraa deebi'uuf ati garuu jabadhu halagaan sifaa na'u haa immoo rabbi haa balleesu jeedhanii arrabsaa jaalala isheef qaban ibsachaa duuba deebi'anii galu.Deebi'anii yeroo garamanaatti galan haadha intalatii isaas haadha siifaatatu kan gargari nu baase heerumtuun akkas jechuun itti weeddisu

Barbaree yaaleensee
Yaa harmee dhageessee
Mucaakee gaggeesseen fageesse
Qamadiin Baalattii
Baalatti hin haamanii
Qananii haadhattii

Haadhatti hin hafanii. Jechuun weeddisu.

Ergaan weedduu kanaas durbi heerumuun ishee kan hin oolle ta'uu agarsiisa. Kunis heeruma isheetiin maatii ishee biraati waan makamteef qananii haati ishee isheef taasisaa turte kan irraa hafe ta'uusaa mulisa.

### 4.1.12. Weedduu Jala Bultii Mana Warra Gurbaa

Akka od-himtuu Aadde Shaashituu Bayyaan (gaafa 12/06/2012) oddeefannoo naaf kennanitti weedduun durbaa kun akkuma mana warra intalaatti warra gurbaafi gurbaa qeequun weedifamu mana warra gurbaatis, intala, warraa isheefi firootan ishee arrabsuun, ni qeequ,ni barsiisu , ni qajeelchu. Kanas akkana jeechuun weeddisu.

Risaan dallaarra teessi balallaa ishee offisteetoo
Eessa deemta yaa obboo koo qeerrummaa kee dhiisteetoo.
Maasaa gamaa hidda guursifannaa
Mucaa keenya durba fuussifanna
Maasaa gamaa maa hin taraarinii
Mucaan keenya baratee fixee

Yaa mucayyoo maaliif hin baratinii. Jechuun obboleessa isaanii durba fuudhuuf deemaa jiru sana jajaa dinqiisifachaa weeddisu. Ergaan weedduu kanaas ati har'a qeerroo turte garuu kanaan booda suubboo ta'uuf deemta kanaan booda akka durii akka feete ta'uu hin dandeesuu itti gaafatamummaa fudhachuuf jirta jchuun weedduu keessaan ergaa

dabarsuufii jechuudha. Dhaamsa isaanii kanaanis akka hin yaaddofne immoo isaafi maatii isaa jajuun intala inni fuudhuufi maatii ishee immoo caccabsaa weedduu akka armaan gadiitti weeddisuun jajjabeessu.

Yaa dame qiilxuu foxxoqaa kanaa
Siisame diquu toortoraa kanaa
Dhiqxu hin qulqulla'u
Mixmixaan foksii
Si gubaa obsii.
Hin rafu hin rafu
Yoon muge malee
Ijaan obboo koo
Hin hafu hin hafuu
Yoon du'eef malee.

Ergaan walaloo weedduu kanaas hintalti gurbaan fuudhee dhufe sun qulqullina ishee kan hin eegane ta'uu fi ammaan achi qulqullina ishee kan hin eeganne yoo ta'e akka ishee arsaniifi aarii sana immoo obsittee jiraachuu akka qabdufi qulqullina ishee seeraan eegachuu akka qabdu kan ibsudha. Akkasumas, yoo seeraan jiraachuufi buluu baatte dubartii biroo kan qulqullina qabdu irratti akka fuusisan dhamuu isaanii agrsiisa.

Yaa akaayii koshkoshee tanaa
Haati mucaa donboshee tanaa
Haati intalaa okotee tanaa.

Bo'oon weedduu walaloo duraa kun bo'oon duraa lamaani haadhati gurbaa miidhagduu ta'uu ishee kan jajuu yoo ta'u, bo'oon itti aanu immoo haadha intalaa tuffachuu ykn cabsuu, kunis gabaabduu ta'uu ishee kan ibsudha.

Sintuulladhaa yaa kaboota koo
Bitaan ba'i mirgaan naaf gali
Sindaawwadha yaa taabota koo
Kutaan achi naxalaan achii

Maal jettee siarrabsite dubaroon achii, jechuun waan obboleessa isaanii jedhanii arrabsan beekuun gatii baasuudhaaf gaafatu. Kanas kan jedhaniif mana warra intalatti yoo si arrabsanillee hin sodaatiin nutu yeroo isheen dhuftu haaloo siif baha akka jechuuti.

### 4.1.13 .Weedduu Guyyaa Cidhaa Mana Waarra Gurba

Akka od-himaan Obbo Galaanaa Jifaaraa gaafa 13/06/2012 naaf himanitti weedduun durbaa akkuma mana warra intalaa birati intala jajjabeessun gurbaa ishee fuudhu immoo arrabsan mana warra gurbaattis gurbaa isaanii jajjabeessuun intala inni fuudhuuf warra ishee immoo arrabsuun qe'ee warra isaa sirbaan ho'isu. Kana malees gaafa gurbaan intala fudhatee mana warra ga'u immoo weedduu araaraa akkana jechuun weeddisu.

Otoobisiin walloo buute'oo

Yaa obboo koo baga fuute'oo
Budaaf mortuun eda duute'oo
u immoo yaa obboleessaakoo

Bo'oon walaloo weedduu duraa kan ibsu atoobisii gosa geejjibaa ta'e biyya walloo jedhamu deeme jechuu yoo ta'u, kan itti aanu immoo ishoo baguma niitii fuute bultoo godhatte hinaaftoonnikee gaddaniiru nuti immoo gammadneerra jechuudha.

As harkisii cufaa karraa
Obboon dhufee angafni warraa
Bishaan yaatu yaa bishaan yaatu
Eessaa fiddee yaa obboo koo miinzolee raatuu
Gadi baasi bineensi yaa nyaatu.

Walaloon weedduu bo'oo duraa kun asharkisi cufaa karraa obboon dhufe hagafni warraa,jechuun obboleessi keenyi hundaa oli jechuu isaaniiti,eessaa fidde miinzolii raatuu jechuun immoo,miinzeen intalaa garee gurbaa osoo hin taanee garee intalaa waan ta'aniif miinzoliin kee dadhaboo ykn lallafoodha ,ciccimoo miti jechuun, gadi baasi bineensi haanyaatu jechuun immoo homaa sihin fayadaniitii gad baasii gati jechuudha.Ba'ee ba'eeto ala dhaabbata

Keessummaakoo jedhee dhaammata
Keessummaakee siifan gaggeessa
Dafii gali galgala addeessaa
Obboo coconqolaate
Bitaadha moo mirga bobaatee

Bitaan moraa mirgatu tola.

Jechuun weeddisu. Kunis ergaan isaa intalli dhufte durbummaa godhatee waan isaan gammachiifteef warri gammachuu kee jibban qana'aniiru nuyi immoo mirga argachuukeef gammannee jirra jechuun gammachuu isaanii ibsachaa weeddisu.

## BOQONNAA SHAN:CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATA

Boqonnaa kana keessatti cuunfaa,argannoowwaan fi yaada Yabootu dhiyaatee jira.

## 5.1. CUUNFAA

Afoolli qabeenya uummataa kan afaaniin dhalootaa dhalootatti darbudha.Kaayyoon qo'annoo kanaa inni guddaan qaaccessa ergaa weedduu durbaa sirna fuudhaa fi heerumaa Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree keessatti maal akka fakkaatu qaaccessudha. .Haaluma kanaan weedduu durbaaf weeddifamuufi maaliin wal qabatee akka weeddifamu,weedduun kun ergaa akkamii akka qabuufi yeroo ammaa maaliifi hafaa akka jiru qorannoo kanaan ibsameera. Adeemsa kan galmaan ga'uuf yaada rimeewwan weedduu durbaa irratti barreeffamanni adda addaa sakata'amaniiru. Akkasumas,ragaaleen gaaffii afaanii, marii gareefi daawwannaa fayyadamuun namoota waa'ee weedduu durbaa beekanfi hubannoo qaban irraa funaanameera.Ragaaleen kunis galma ga'iinsa qorannoo kanaaf gumaacha guddaa godheera.

Akaakuun qorannoo kanaa akkamtaa yoo ta'u, mala qorannoo ibsaatiin kan dhiyaatedha.Maddi raga qorannoo kanaas ,madda raga tokkooffaafi lammaffaadha.Faaydaan qorannoo kanaa weedduu durbaa sirna gaa'eelaa tufatamaafi dagatamaa jiru akka hin dagatamne bifa barreeffamaan kaa'uudhaan dhaloota boruuf dabarsuudha Akkasumaas, namoota waa'ee weedduu durbaa hin beekneefi hubannoo hin qabneef akka hubannoo argatan taasisa. Kana malees, weedduun durbaa akka aadaa duubati hafaatti ilaalamuun yookiin ammayyummatti hirkatanii dhaloonni aadaa isaanii dagatan hubannoo argatanii weedduu durbaa kana gara fuula duraatti akka itti fufu gochuudha.Walumaagalatti, weedduun durbaa qorannoo kan keessatti ibse kun jiruufi jireenya hawaasa Oromoo kan walitti fiduufi aadaafi duudhaa hawaasaa kan ibsudha .Adeemsa fuudhaafi heermaa Oromoo ittiin raawwatu keessatti weedduun tokko yoo ta'u kan intalli heerumtuufi hiriyoonni ishee jaalala,gadda,gammaachuu, sodaa, yaaddoo, jajjabina,komii,jibbaa,arrabssoofi kan kana fakkatan ilaalchisee ittiin ibsataniidha. Weedduun durbaa haala miira namaa tuqee boochisuu danda'uun jechoota cimoofi qabiyyee bal'aan weeddifama. Weedduun kunis, weedduun gorsuu,barsiisuu, jajjabeessuufi amala badaa hawaasa keessatti mul'atan qeequuf gargaara.

## 5.2.ARGANNOO

Argannoowwan qorannoo kanaan bira ga'amanis:-

1.Qabiyyeen Weedduu Durbaa ergaa adda addaa kan dhaloota barsiisu of-keessaa qaba. Innis ergaan weedduu kana keessaan darbu nama hubateef dhaloota kan qajeelchu,kan gorsufi kan barsiisudha.Weedduun Durbaa arrabssoofi mararootiin darbu kan safuu cabse fakkaata, garuu dhoksaan yookiin icciitiinsafuu hawaasaa kan barsiisudha.Ergaan weedduu durbaa ilaalcha intalli heerumaaf kaate tokko maatiifi hiriyoottan isheef qabdu agarsiisa. Kunis haaloota kanneen akka komii, jalaala, jibba, sodaa, yaaddoo, gorsaafi qeeqa ta'uun hubatameera. Ergaawwan weedduu kanaan ibsaman komii intalli abbaaf qabdu, jaalala intalli hiriyoota isheef qabdu , qeeqa, sodaa intalli heerumaaf qabdu,jibba intalli heerumaaf qabdu,gorsafi jajjabina hiriyoonni isheef laatanfi yaaddoo isheen qabdu ta'uun isaa ragaan qorannoo kanaa ni mirkaneessa.

2.Akka yaada Aadde Kumashii Guddinaatti afoolli Weedduu Durbaa gaa'ela ijaaruu keessaatti ga'ee guddaa qaba. Innis ergaan weedduu durbaa kanaan darbu kun dhiirri amala gaariin, abbaa manaa cimaaakka ta'ufi dubartiin immoo kaameettii yookiin qopheefi haadha manaa gaarii akka taatu cimsee akka barsiisu ibsanii jiru.Akka yaada kana irraa hubannutti weedduu durbaa kun aadaafi safuu hawaasaa, Akkasumas haala jiruufi jireenya kan barsiisudha.Weedduu durbaa kun intala heerumtu,abbaa intala heerumtuu,haadha intala heerumtuu, hiriyyoota intala heerumtuufi olla intala heerumtuu waliin walqabsiifamee akka weeddifamu ragaan qorannaa kanaan argame ni addeessa.

3.Weedduun durbaa kun yeroo ammaa dagatamaafi xiyyeeffannoon taasifameefi jiru laafaa ta'uun isaa hubatameera. Walumagalatti,weedduun durbaa yeroo ammaa kana sababa amantaa ammayyummaafi teekinooloojiin waliin wal- qabate xiyyeffannoo dhabuufi dagatamaa akka dhufedha.Akka yaada od-himtoota kanaatti dhaloonni har'aa kun waa'ee afoola kanaa hubannoo tokkollee akka hin qabnee bira ga'ameera.

## 5.3.Yaboo

Argannoowwan armaan olirratti hunda'uun yaadi furmaataa ykn yaboon kanaan gadii lafa kaa'ameera.

1.Weedduun durbaa ergaa bal'aafi fagoo qaba. Kanaafuu, dhaloonni har'aafi beektonni dhimmi kun isaan ilaalatu hundi qorannoo gadi fagoo irratti gaggeessuutu gaarii ta'a. Sababni isaas namoonni yeroo ammaa kana afoola kana harkaa qaban namoota muraasafi kan umuriin isaanii deeme waan ta'aniif yoo dhimminee qorannoo kana gaggeessuu baanne booda argachuun rakkisaa nita'a. Keessattuu waajjirri aadaafi turiizimii Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejereefi Biiroon Aadaafi Turiziimii Oromiyaa waliin ta'uun weedduu durbaa bakka adda addaa walitti funaanuun galmeessanii ol kaa'uun dhaloota boruuf dabarsuutu gaariidha.

2. Qorannoo kana barattoonni fookileeriifi Afaan Oromoo baratan caalmaatti abbumaan weedduu durbaa Oromoo haphataa ( baduutti) jiru kana irratti qorannoo gaggeesanii bifa barreeffamatiin ol kaa'uun gaariidha.Gama biraans, Barattoon fookiloorii kun weedduu kana sirna barnoota muuziqaa jala galchuun daa'imman mana barnootatti akka barachaa guddatan dhiibbaa gochuun afoola kana badii irraa hambisuun ni danda'ama ta'a.

3.Afoolli kun dagatamaa deemee akka hin banneef qaama quuqamee hojjechuu barbaduuf haftee qorannoo kanaa kophii tokko tokko Wajjiira aadaafi Turizimiifi Wajjira barnootaatii argachuun kan danda'amu ta'uufi, Walumaagalatti,afoola Oromoo sababa amantaafi ammayyummaatiin miidhamaa jiru badii irraa oolchuuf dhaloonni har'aa shamarraniifi dubartoota ,akkasumas, mangudoota irraa odeeffannoo guuruun bifa barreeffamaatiin ol kaa'uuf tattaaffii guddaa taasiisuun gaarii ta'a.

# Wabiilee


Abarraa Nafaa. (1999). **Afoola Oromoo Tuulamaa**; Walaloo Geerarsa, (Jildii- 8) qajeelcha qormaata Afaan Oromoo. Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa ManaMaxxansaKomershaalii.

Addunyaa Barkeessaa.(2011). **Akkamtaa Yaadrimee qorannoo hujoo**.Finfinnee: Mega printing press.

Addunyaa Barkeessaa.(2014**). Seemmoo**:Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo Finfinnee Oromiyaa

Asaffaa.(2003). **"Towards a political sociology of Oromo literature**, Jarso wakos Poetry".Addis Ababa University, MA thesis.

**____________**(2006). **"Marriage practices among the Gidda Oromo**: Northe Wollega, Ethiopia." Injournal of African studies.

**_____________**(2009). **Eela, Seenaa Oguma Oromoo**.Finfinnee Printing by Far East Trading PLC.

**_____________**(2011). **The Hug-Resistance poetry. USA**: Indian University. Bascom, W, R. (1965).Four Functions of Folklore. 1995. Inthe study of Foklore, Alan Dundes pp 279 Englewood cliffs, NJ: prentice, Hall.

Ben Amos D. (1982). **Folklore in context**.New Delhi adras: south Assian PublishersBichaka BALTO. (1995). Afoola Orom Jildii 2ffaa Finfinnee.

Biraanuu Hirkoo. (2003). **Biiftuu Ganamaa**.Finfinnee: Sof-Mic printing press.

Birhanu Mathewos. (1999).**Fundamentals of literature**. Addis Ababa: University press. Bukenya A. (1994). **Understanding oral literature**. Narobi: Narobi University Press. Dafaa Jamoo. (1974**). Aadaa Oromoo Wallaggaa**. Finfnnee: Mana Maxxansa Seenteraalii. Dastaa Dassaalany. (2002).**Bu"uura Qorannoo**. Addis Ababa University. Dhaabbata maxxansa boolee.

________________(2011). **Waadaa:** Asoosamoota aartii biroo waliin. Finfinnee: dhaabbata maxxansaa biraanaa

_________________(2013**). Bu''uura Qorannoo**.yuunvarsitii addis Ababaatti barsiisa, qorataafi Bareessaa maxxansa lamaffaa printed: by far East trading PLC.

Denscombe, M. (2007).**The good research guide for small scale** social research project 3rded.open university press.

Dorson, R. (1972). **Folklore and folklife**; an introduction. Chicago: The University of Chicago Dundes A. (1965).**The Study of folklore**. Berkley: Prentice Hall Inc.

Caatoo:**Hidda Dhaloota Oromoo Aanaa Ejeree** 2006;f 106-109).

Fedhasaa Taddasaa. (2013). **Subii**: Bu''uuraalee ogbarruu Oromoo. Finfinnee: Subii printing press.

Finnegan, R. (1970). **Oral poetry:** its nature and significance and context. Cambridg: Cambridg university press.

__________(1976). **Oral literature in Africa**. Nirobi: Oxford University Press.
___________(1992). **Oral Tradition and verbal Arts**. London: Rutledge.

Gannat Haayiluu.(2012). **Xinxala Ergaa Mararoo Durbaa**.

Geetachoo Rabbirraa, (2008). **Furtuu Seerluga Afaan Oromoo**. Finfinnee Africa Lingua printing, P.L.C.

Gemechu Bekele. (2003**). A study of major themes in game Sellected songs** of Ifinesh KenoUnpublished MA thesis, Addis Abeba University.

Georges, R.A and Jones, M.O. (1995). **Folkloristic**: An introduction. Biloomingonton and Indiana polis: Indiana University Press.

Hayiluu Bantii (1997**). Coraa Aadaa Oromoo Jimmaa**.Oromiyyaa: Bole Printing Enterprise.

Husseen Badhaasoo.(2000**). Seera Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Arsii** Finfinnee

Jaarraa, W.fi Wasanee Bashaa.(2008). **Bantuu Haaraa**, seer-lugaafi ogbarruu Afaan Oromoo. Finfinnee: EMAY Printer

Melakneh Mengist. (2008). **Fundamentals of literature**. Addis Ababa: Commercial P.E.

Misgaanuu Gulum. (2011a**). Dilbii**: Bu‟uura Afoola. Ogafaaniifi Af-walalooFinfinnee, Oromiyaa.

_______________ 2011b). Naatoo: **Duudhaa Gaa‟ela Oromoo**. Finfinnee Oromiyaa.

Nagarii Leencoo. (1995). **Wirtuu jilddii-7 Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo**. Gumii Qormaata Afaan Oromoo. Biiroo Aadaaf Turiizimii Oromiyaatti: Finfinnee. (f. 1-41).

Neuman.L.W. (2007). **Basic Social Research.Qualitative and Quantitative** Approaches (2nd.Ed) Bost Peason Edu Cailiral Ic.

Okpewho, I. (1992). **African oral literature**. Bloomington and Indiana polls: Indiana University Press.

Oring, E. (1986). **Folk group and folklore genres**. An introduction logan utaha: utaha University Press.

Ramailan, Z. Mabatho (2005**) An investigation of the potential role that folklore** can play environmental education south Africa; western cope university.

Richard, B. (1992**), Folklore Cultural Performances Popular Enterainment**. New York: Oxford university press.

Summer, C. (1996).**Anthropology of Oromo**.Literature Privet songs Folklores.

Taganyee Iwunatuu (2007).**Xiinxala Adeemsa Raawwii Kaadhimmatanii Fuudhuu**

Victor.D. (2009) Research Design and Methods for studying Culculture.NewYork: Altamira

Wasanee Bashaa (2008), **Bantuu haaraa caaslugaa fi ogbarruu Afaan Oromoo**: Finfinnee EMAY printer

**Dabaleewwan**

**Dabalee A**

Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanotaa, Jurnaalizimiifi Quunnqmtii, Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii.

**1. Afgaaffii**

Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree keessatti weedduu DurbaaSirna Fuudhaafi Heerumaa ilaalchisee af-gaaffii dhiyaatedha.

**Seensa:** Afgaaffiin kun kan qophaa'e gosa weedduuwwaan weeddifaman, ergaa isaan hawaasicha keessatti dabarsan,yoomessa akkamii keessatti akka raawatamaniifi yeroo ammaa weeddichi sadarkaa inni irra jiru xiinxaluun qaacceffame.

Kabajamoo od-himtootaa hanga isinii danda'ameetti odeeffannoo kennitaan ifaa fi guutuu akka gootaa, jechaa deggarsi keessaan fiixaan bahumsa qorannichaaf murteesaa waan ta'eef, dursee isin galateeffachaa, mudaa tokko malee bilisaan yaada keessan akka naaf qooddaan kabajaan isin gafaadha.

**I .Odeeffannoo Dimshaashaa**

1.1.MaqaaSaala: Dhiira ☐ Durba ☐

1.2. UmuriiSadarkaa BarnootaaLak.Bil. ________________

1.3.Ganda________________

1.4.Gaaʻʻela: Kan fuudhe/heerumte/ ☐ Hinfuune/heerumne/ ☐

1.5.Gahee Hojii: Qotee bulaa ☐ Daldalaa ☐ Hojjetaa Mot. ☐ Kan biroo ☐

**II. Odeeffannoo Qorannichaa**

1. Gosoonni weedduu Sirna fuudhaafi heerumaa akkam akkamtu jira?

Eenyufaatu weeddisa?Maaliif weeddifama?Yeroo akkamii weeddifama?

2. Walaloo weedduu Sirna fuudhaafi heerumaa kanbeektu natti himi?

3. Qabiyyeen/ergaa weedduuSirna fuudhaafi heerumaa isaan kam faʻʻi? ibsa

4. Weedduun Sirna fuudhaafi heerumaa bara duriifi ammaa keessa jiru garaagarummaa qaba.

5. Weedduun Sirna fuudhaafi heerumaa yeroo ammaa sadarkaa maalirra jira?Maaliif?

6. Weedduu Sirna fuudhaafi heerumaa jechuun maal jechuudha?

7. WeedduuSirnafuudhaafi heerumaa aanaa kanaa ilaalchisee yaada addataʻʻe dabalatan naaf kennitan yoo jiraate.



Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree Biiroo AadaaFi Turizimii.



Aanaa Ejereetti Af-gaaffii Ganda Gorba Keessatti Gaafa 10/06/2012 Doobbitti gaggeeffame.

**Dabalee B**

**2. Marii Garee**

Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa Qo’annoo Afaanotaa, JurnaalizimiifiQuunnqmtii, Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii.

**I.Odeeffannoo Dimshaashaa**

2.1. Maqaa ____________________Saala: Dhiira ☐ Durba ☐

2.2. Umurii ______________Sadarkaa Barnootaa __________ Lak.Bil.__________

2.3. Ganda ____________________

2.4. Gaa’ela: Kan fuudhe/heerumte/ ☐ Hinfuune/heerumne/ ☐

2.5. Gahee Hojii: Qotee bulaa ☐ Daldalaa ☐ Hojjetaa Mot. ☐ Kan biro ☐

**II. Odeeffannoo Qorannichaa**

1. Gulantaalee weedduu Durbaa sirna fuudhaafi heerumaa isaan akkam akkamtu jira?

2. Weedduun Durbaasirna fuudhaafi heerumaa yerooammaa sadarkaa maalii irra jira?gadaanaayoo jettan/te maaliif?

3. Faayidaa weedduun Durbaa sirnafuudhaafi heerumaa hawaasa Oromoo keessatti qabu maali?

4. Weedduun Durbaa sirna fuudhaafi heerumaa mana intalaafi gurbaatti weeddifamu garaagarummaa akkamii qaba?

5. WeedduunDurbaa sirna fuudhaafi heerumaa irratti weeddifamu maal maal fa‟i? Yoo yaadattu ta‟e walaloo isaa naaf himaa?

6. Weedduu Durbaa sirna fuudhaafi heerumaa aanaa kanaa ilaalchisee yaada adda ta‟ee dabalataan naaf kennuu barbaaddan yoo jiraate.



Yeroo mariin garee rawwatamu suura agarsiisu. Gaafa guyyaa 04/07/2012. Dhaamottuutti gaggeefame.

## Dabalee. C

### Cheeklistii Daawwannaaf Qopha'ee

| Lakk. | Cheeklistii Daawwannaaf Qopha'ee | Guyyaa Daawwannaa |
|---|---|---|
| 1. | Sirna raawwii gaa'elichaa daawwachuu. | 14/09/2012 |
| 2. | Qabiyyee weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa daawwachuu | |
| 3. | Yeroo fuudhaafi heerumaa weedduuwwan arrabsoo hojiirra oolaan daawwachuu. | |
| 4. | Sadarkaa weedduun arrabsoo fuudhaafi heerumaa yerooamma irratti argamu daawwachuu. | |



Suura Hamaamotaa Intala Fuudha Deemani.Gaafa 14/9/2012.



Suura Yeroo Hamamoonni Intala Fuudhanni Galan.

## Dabalee D

## Ragaa Odeeffannoo kennitootaa

Odeeffannoo kennitoonni kuni maangoddoota baadiyyaa ganda adda addaa keessa kan jiraataniifi hojjattoota Waajjiira Aadaa fi Turizimii Aanaa Ejeree ta'ee; maanguddoonni kun kanneen yeroo amma waa'ee weedduu durbaa beekaniidha. Akkasumas hojjattoonni kun ragaa weedduu waliin walqabatu qindeessuunii qabachuun irratti hojjataniifi hubannoo isaa qabaniidha.

**Maqaa namoota odeeffannoo naaf kennan.**

| Lakk. | Maqaa | Umurii | Saala | Bakka Dhalootaa | Gahee hojii | Guyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Lataa Galaa | 65 | Dhiira | Dhaamottuu | Barsiisaa | 10/06/2012 |
| 2 | Dhibbashii Xaafaa | 25 | Dhalaa | Doobbii | Barattuu | 11/06/2012 |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 3 | Shaashituu Bayyaan | 52 | Dhalaa | Iluu aagaa | Qonnaan Bultuu | 12/06/2012 |
| 4 | Kumashii Guddinaa | 45 | Dhalaa | Gorba | Qonnaan Bultuu | 12/06/2012 |
| 5 | Firoomsaa Guddataa | 47 | Dhiira | Silaasee | Barsiisaa | 10/06/2012 |
| 6 | Sanbatee Hulluuqaa | 50 | Dhalaa | Ariituu | Qonnaan Bultuu | 13/06/2012 |
| 7 | Galaanaa Jifaaraa | 70 | Dhiira | Dhaamottuu | Qonnaan Bulaa | 13/06/2012 |
| 8 | Likkiisaa Magarsaa | 62 | Dhiira | Silaasee | Qonnaan Bulaa | 14/06/2012 |